



Saayinsii Naannoo


Kitaaba Barattootaa



Kutaa 4



Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojiirra oolchi:

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabtara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu happeessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddoo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

Qopheessitoota:

Daani'eel Indaayilaalluu
Gabii Tusii
Gosaa Girmaa
Hayiluu Birruu
Tufaa Lammii

Gulaaltota:

Gaaddisaa Badhaadhaa
Nigusee Lammaa
Tijaanii Huseen
Zawduu Tulluu

Madaaltota:

Bulbuluu Zawudee
Daawwit Taaddasaa
Getaachoo Girmaa

Giraafiksii:

Taaddasaa Dinguu

Fakkibsa:

Buzaayyoo Girmaa



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnootaa Barsiisotaa Asallaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Baafata**Qabiyyee****Fuula****BOQONNAA 1 SAAYINSII IFA TAASISUU**

| | |
|--|----|
| 1.1. Nyaataafi Jireenya Fayyaa Qabeessa | 1 |
| 1.2. Dhangaalee Barbaachisoo Nyaata Keessaa | 2 |
| 1.3. Nyaata Madaalamaa | 7 |
| 1.4. Qaamolee Keessoo Nafa Namaa | 14 |
| 1.5. Amaloota Fiizikaalaafi Keemikaalaa Maatarii | 19 |
| 1.6 Uumama Gaaddidduu | 24 |

BOQONNAA 2 ARGAMA NAANNOO KEENYAA

| | |
|--|----|
| 2.1 Naannoo Oromiyaa | 32 |
| 2.2 Yaad-rimee Kaartaa | 32 |
| 2.3 Hiika Argama Bir-qabaa | 34 |
| 2.4 Hiika Argama Dhugaa | 35 |
| 2.5 Argama Bir-qabaa Naannoo Keenyaa | 36 |
| 2.6 Argama Dhugaa Naannoo Keenyaa | 37 |
| 2.7 Argama Iddoowwan Beekamoo Naannoo Oromiyaa | 39 |
| 2.8 Argama, fageenyaafi kallattii bakkeewwan naannoo keenyaa.. | 41 |

BOQONNAA 3 NAANNOO UUMAMAA

| | |
|---|----|
| 3.1 Qilleensa Baramaa Naannoo Keenyaa | 45 |
| 3.2 Garaagarummaa Qilleensa jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa ... | 45 |
| 3.3 Ruuqoolee Qilleensa Baramaa | 47 |
| 3.4 Too'attoota Qilleensa Baramaa | 49 |
| 3.5. Qabeenya Uumamaa Naannoo Keenyaa | 51 |
| 3.6 Gosoota Qabeenya Uumamaa | 55 |
| 3.7 Faayidaalee Kunuunsa Qabeenya Uumamaa | 56 |

3.8 Barsiifata Gaariifi Badaa Balfi Ittiin Dhabamsiifamu60

BOQONNAA 4 NAANNOO HAWAASUMMAA

4.1 Aadaawwan Garagaraa Naannoo Keenyaa68

4.2 Sochiilee Diinagdee Naannoo Keenyaa74

4.3 Sochiilee Diinagdee Qabeenya Uumamaa Naannoo Keenyaa
Irratti Dhiibbaa Geessisan.....86

4.4 Qabeenya Uumamaa Naannoo Keenyaa Gabaaf Oolan87

4.5 Daldala Qabeenya Uumamai Seera qabeesaafi Seeraan
Alaa88

4.6 Gosoota Geejjibaa Naannoo Keenyaa Namaafi Meeshaa
geejjibuuf Fayyadan90

4.7 Hambaalee Naannoo Keenyaa93

BOQONNAA 5 DHIMMOOTA XIYYEEFFANNOO ADDAA BARBAADAN

5.1 HIV/AIDS99

5.2 Wantootaa Miidhaafi Balaa Tasaa Geessisan101

5.3 Qorichoota Seeraan Alaa Fayyadamuu103

5.4 Hongeefi Beela104

BOQONNAA 1

SAAYINSII IFA TAASISUU

1.1. Nyaataafi Jireenya Fayyaa Qabeessa

Gaaffii hubannoo

Jireenya dhala namaatiif wantonni murteessoo ta'an maal fa'i?

Wantoonni sooratamuun faayidaalee adda addaa qaama keenyaaf kennan **nyaata** jedhamu. Nyaanni wantoota bu'uuraa jireenyaaf barbaachisan keessaa isa tokkoodha. Nyaanni qaama keenyaaf faayidaa adda addaa kenna. Isaanis: anniisaa kennuuf, guddinaafi dagaagina qaamaaf, dhukkuboota adda addaa ittisuufi dalagaawwan qaama keenya keessaa sirriitti akka hojjatan taasisuu fa'iadha.

Sammuufi qaamoleen biroo haala qindoomina qabuun sirriitti waliin hojjachuu qabu. Haalli kun jireenya fayyaa qabeessa jedhama. Fayyaan qaamaafi sammuu waliin hidhata qaba. Jijjiiramni qaama nafaa tokko keessatti mula'tu kan biroo irratti dhiibbaa qaba. Fayyummaa qaamaafi sammuutiif immoo nyaanni baay'ee barbaachisaadha.

Gocha 1.1

Gareen ta'uun gaaffilee armaan gadii irratti mari'achuun deebii keessan daree keessatti barattootaaf ibsaa.

1. Nyaanni maaliif barbaachisa?
2. Jeequmsi qaamaa fayyaa sammuu irratti dhiibbaa qaba. Kun maal agarsiisa?

1.2. Dhangaalee Barbaachisoo Nyaata Keessaa

Gaaffilee hubannoo

Nyaatni beekamoon naannoo keetitti nyaatamu maal fa'i? Fayidaa akkamii qaama namaaf qaba jettee yaadda?

Wantoonni nyaata keessaa qaamaaf faayidaalee adda addaa kennan dhangaalee nyaataa jedhamu.

Dhangaaleen nyaataa qaama keenyaaf barbaachisoo ta'an bakka jahatti qoodamu. Isaanis: kaarboohayidireetota, pirootinoota, lippiidota, viitaaminoota, albuudotaafi bishaani.

a) Kaarboohayidireetota

Gaaffilee hubannoo

Faayidaan kaarboohayidireetotaa maali? Maddi isaanii hoo?

Kaarboohayidireetonni madda anniisaa qaama keenyaati. Kaarboohayidireetonni irra caalaatti biqiltoota irraa argamu.

Akkasumas, aannan keessattis ni argamu.

Kaarboohayidireetonna daabboo, paastaa, dinnichaa, midhaan callaa kan akka qamadii, garbuu, ayisaa, boqqoolloo, mishingaafi kanneen kana fakkaatan irraa argamu. Dhukkubni hanqina dhangaa nyaata kaarboohayidireetotaan dhufu **maaraasmarii jedhama.**



Fakkii 1.1 Daa'ima maraasmariin qabame

b) Pirootinoota

Gaaffilee hubannoo

Faayidaan pirootinootaa maali? Maddi isaanii hoo?

Pirootinoonni dhangaa ijaarsa qaama keenyaaf barbaachisaniidha. Pirootinoonni qaamolee miidhaman haaromsuu keessattis gahee ol'aanaa taphatu.

Nyaanni pirootinoota ofkeessaa qaban foon, qurxummii, aannan, baaqelaa, ataraafi kanneen kana fakkaataniidha.

Hanqinni pirootinootaa guddinni qaamaa harkifataa akka ta'u taasisa. Akkasumas, dandeettiin dhukkuba ofirraa ittisuu qaamaa akka hir'atu taasisa. Dhukkubni hanqina dhangaa nyaataa pirootinootaan dhufu **kuwaashirkoorii** jedhama.



Fakkii 1.2 Daa'ima kuwaashirkooriin qabame

Gama birootiin, nyaata pirootinoonni itti hedduummate baay'inaan nyaachuun ulfaatinni qaamaa akka dabalu taasisa. Kun immoo, rakkoolee hedduuf nama saaxiluu danda'a. Fakkeenyaaf, rakkoo onnee, rakkoo kalee, rakkoo tiruufi kanneen kana fakkaataniidha.

c) Lippiidota(Coomaafi zayita)

Gaaffilee hubannoo

Faayidaan lippiidotaa maali? Maddi isaanii hoo?

Lippiidonna akkuma kaarboohayidireetotaa qaamaaf anniisaa kennu. Lippiidonna coomaafi zayita jedhamuun ramadamu. Coomni jajjaboo yoo ta'u, zayitiin immoo dhangala'oodha.

Coomni bineeldota irraa yoo argamu, zayitni immoo bal'inaan biqiltoota irraa argama. Cooma baay'inaan nyaachuun fayyaa irratti dhiibbaa qaba. Fakkeenyaaf cooma baay'inaan nyaachuun rakkoo onneefi ujummoolee dhiigaa fiduu danda'a.

Nyaanni lippiidota ofkeessaa qaban kan akka dhadhaa, foon coomaa, qurxummii, hanqaaquu, zayita, ocholooniifi kanneen kana fakkaataniidha.

d) Viitaaminoota

Gaaffilee hubannoo

Faayidaan viitaaminootaa maali? Maddi isaanii hoo?

Viitaamiinonni nyaata qaamaaf hamma xiqqaa ta'een barbaachisu. Haata'u malee, fayyaa keenyaaf baay'ee barbaachisaadha.

Viitaamiinonni qaama keenyaaf faayidaa adda addaa kennu. Isaanis:

a) dalagaawwan qaama keenya keessatti sirriitti akka gaggeeffaman gargaaruufi

b) dhukkuboota adda addaa qaama keenyarraa ittisuudha.

Viitaaminoota baay'inaan fuduraaleefi kuduraalee adda addaa irraa argachuu dandeenya.

e) Albuudota

Gaaffilee hubannoo

Faayidaan albuudotaa maali? Maddi isaanii hoo?

Albuudonni akkuma viitaaminootaa qaamaaf hamma xiqqaa ta'een nibarbaachisu. Albuudonni dalagaawwan adda addaa qaama keenya keessatti sirriitti akka raawwataman taasisu. Akkasumas, jabina lafeefi ilkaaniif nibarbaachisu.

Albuudonni foon, aannan, bu'aawwan aannanii, midhaan, fuduraaleefi kuduraalee adda addaa irraa argamu.

f) Bishaan

Gaaffii hubannoo

Faayidaan bishaanii maali?

Bishaan qaamaaf baay'ee barbaachisaadha. Ulfaatina qaama keenya keessaa bishaan isa ol'aanaadha. Bishaan qaama keenya keessatti faayidaa hedduuf oola. Fakkeenyaaf,

- nyaata nafa keenya keessa geejjibsiuuuf fayyada.
- gogiinsa mar'imaaniifi gogaa ittisuuf oola.
- xuraawaan nafa keenya keessaa bifa dafqaafi fincaaniin gara alaatti baasuuf gahee ol'aanaa qaba.
- tempireechara nafa keenyaa to'achuu keessattis gahee qaba.
- nafa keenya keessatti wantoota adda addaa bulbuluuf gargaara.

Kanaafuu, guyyaatti si'a hedduu(giddu galeessaani hamma litira 3.2) bishaan qulqulluu dhuguun fayyaa keenyaaf baay'ee barbaachisa. Bishaan fuduraaleefi kuduraalee irraas argachuu dandeenya.

Gocha 1.2

1. Faayidaa kaarboohayidireetotaa, pirootinootaa, lippiidotaa, viitaaminootaafi albuudotaa ibsi.
2. Faayidaa bishaanii ibsi.

1.3. Nyaata Madaalamaa

Gaaffii hubannoo

Namni tokko nyaata akkamii yoo argate fayya-qabeessa ta'uu danda'a?

Maalummaa Nyaata Madaalamaa

Nyaanni madaalamaan dhangaalee nyaata hundaa kan ofkeessaa qabudha. Kunis, nyaata kaarboohayidireetota, pirootinoota, lippiidota, viitaaminotaafi albuudota hamma madaalamaa ta'een ofkeessaa kan qabuudha. Nyaata madaalamaa keessaa qaamni wantoota barbaachisoo ta'an hundaa argachuu danda'a.

Nyaanni madaalamaan namoota umurii kamiyyuu irratti argamaniif barbachisaadha. Daa'immaniifi ijoolleen nyaata madaalamaa hin arganne guddinniifi dagaaginni isaanii

harkifataa ta'a. Kana malees, dhukkuboota adda addaatiif salphaatti saaxilamuu danda'u. Akkasumas, gahumsi barnoota barachuu isaaniitis gadi aanaa akka ta'u taasisa.

Faayidaa Nyaata Madaalamaa

Nyaanni madaalamaan faayidaalee armaan gadii qaba. Isaanis:

- guddina, dagaaginaafi fayyummaa qaamaatiif barbaachisa;
- dandeettiin hojii hojjechuu akka dabaluu taasisa;
- dandeettii dhukkuboota ofirraa ittisuu qaamaa dabala.

Gosoota Nyaata Aadaa

Gaaffii hubannoo

Gosoota nyaata aadaa Oromiyaa keessatti beekaman tarreessi.

Naannoo keenya keessatti iddoo adda addaatti nyaata aadaa garagaraatu jira. Uummanni Oromoos nyaata aadaa hedduu qaba.

Hawaasa keessatti nyaata aadaa beekamoo ta'an hedduutu jiru. Nyaanni aadaa kunniin sagantaawwan adda adda irrattis qophaa'uu danda'u. Fakeenyaaf; sagantaa eebbaa, cidha, ayyaana waggaa, keessummaa gaafachuuf yookiin simachuuf, moggaasa maqaa da'immanii, ateeteefi kanneen kana fakkaataniif qophaa'uu danda'u.

Nyaanni aadaa biyya keenyatti beekaman keessaa muraasni akka armaan gadiitti ibsamaniiru. Isaanis:

Ancootee: irra caalaatti lixa Oromiyaa keessatti beekama. Ancooteen hidda ancootee affeeluun kan qophaa'uufi qocqocaa, dhadhaafi mi'eessituuwwan itti dabaluu nyaatama.



Ancootee

Buna qalaa: buna qalaan buna duudaa mataa isaa irraa ciruun dhadhaa waliin akaawwamee kan qophaa'uudha.



Buna qalaa

Caccabsaa: maxinoo (qixxaa) midhaan kanneen akka garbuu, qamadii, xaafiifi kanneen kana fakkaatan irraa tolfame caccabsanii dhadhaa baqe waliin walitti makuun qophaa'a.



Caccabsaa

Cuumboo: nyaata aadaa Oromoo naannoo Wallagaatti beekamuudha. Cuumboon daakuu xaafii diimaa irraa buddeena furdisanii tolchuun qophaa'a. Cuumboon dhadhaa baqsanii itti naquun qocqocaa, itittuu, baaduufi mi'eessituuwwan adda addaa itti naquun nyaatama.



Cuumboo

Cuukkoo: cuukkoon daakuu garbuufi dhadhaa walitti makuun qophaa'a. Galaa ta'ees nitajaajila.



Cuukkoo

Waaddii foonii: waaddiin foonii foon mummuramee ibiddaan waaddamee nyaatama.



Foon waaddii

Foon bullaa'e(kitfoo): kitifoon foon diimaa sirriitti mummuramee yookiin daakamerraa dhadhaa baqsanii itti naquun qophaa'a.



Kitifoo

Marqaa: marqaan irra caalaatti daakuu garbuu irraa qophaa'a. Akkasumas, daakuu boqqoolloo irraa qophaa'uu danda'a. Daakuun okkotee bishaan danfe ofkeessaa qabutti naquun sirriitti akka walmakee bilchaatu taasifama. Erga bilchaateen booda dhadhaa baqfame itti naquun nyaatama.



Marqaa

Qorii: qoriin akaayii garbuu qolli irraa bahee qulqullaa'e dhadhaan walitti makame irraa qophaa'a. Akkuma cuukkoo galaa ta'ees nitajaaajila.



Qorii

Gocha 1.3

1. Gosoota nyaataa aadaa kanneen biroo naannoo keessanitti, akkasumas, biyya keenya keessatti beekaman namoota gaafachuun akkamitti akka qophaa'u barreessuun daree keessaniif gabaasaa.
2. Barbaachisummaan nyaata madaalamaa umuriifi yeroo ulfaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabu ogeessa gaafachuun daree keetiif gabaasi.

1.4. Qaamolee Keessoo Nafa Namaa

Gaaffii hubannoo

Qaamolee keessoo nafa namaa jechuun maal jechuudha?

Nafakeenya keessa qaamolee hedduutu jiru. Isaanis: sammuu, onnee, somba, kalee, tiruufi kanneen kana fakkaataniidha. Tokko tokkoon isaanii dalagaa mataa isaanii qabu.

Sammuu

Gaaffii hubannoo

Sammuum eessatti argama? Dalagaan isaa hoo maali?

Sammuum lafee mataa keessatti haguugamee argama. Sammuun gochaalee nafa keenyaa hundaa kan too'atuudha. Sammuun dalagaawwan akka beekumsa kuusuu, yaadachuu, xiinxaluu fa'i raawwata.



Fakkii 1.3 Sammuu

Onnee

Gaaffii hubannoo

Onneen eessatti argamti? Dalagaan onnee maali?

Onneen somboota lamaan gidduutti argamti. Onneen lafee cinaachaa jalatti yoo argamtu, fiixeen onnee gara bitaatti dabdee argamti. Onneen nama tokkoo hanga aboottuu harka ofii guddatti.

Onneen dhiigni nafa keessa akka raabsamu taasisti. Dhiigni immoo wantoota qaamolee keenya hundaaf barbaachisan geejjibsiisa.




Fakkii 1.4 Onnee

Somba

Gaaffilee hubannoo

Sombi eessatti argama? Dalagaan sombaa maali?

Namni somba lama kallattii mirgaafi bitaatiin qaba. Sombi lafee cinaachaa jalatti gara oliitti siiqee argamua. Sombi hargansuuf oola.




Fakkii 1.5 Somba

Kalee

Gaaffii hubannoo

Kaleen eessatti arganti? Dalagaan kalee maali?

Namni kalee lama kallattii mirgaafi bitaatiin qabu. Kaleewwan naannoo mudhiitti hamma tokko gara duubaatti siiquun argamu. Kaleen fincaan yommuu uumu fincaan immoo bifa xuraawaatiin nafa keenya keessaa dhabamsiifama. Akkasumas, dhiiga calaluufis ni oola.




Fakkii 1.6 Kalee

Tiruu

Gaaffii hubannoo

Tiruun eessatti argamti? Dalagaan tiruu maali?

Tiruun garaa keessatti kallattii mirgaatiin argamti. Tiruun nafa keessatti dalagaawwan adda addaa raawwatti. Isaanis: hadhooftuu maddisiisuufi pirootinii dhiigni akka ititu taasisu maddisiifti. Hadhooftuun bullaa'insa nyaata lippiidota keessatti gahee qabdi. Akkasumas, tiruun dhiiga qulqulleessuu, keemikaalonniifi qorichoonni qaamolee irratti miidhaa akka hingeessisne taasisuuf nifayyaddi.



Fakkii 1.7 Tiruu

Qaamolee bullaa'insa nyaataa

Gaaffii hubannoo


Qaamoleen bullaa'insa nyaataa maal fa'i? Dalagaan isaanii hoo?

Qaamoleen bullaa'insa nyaataa bullaa'insa nyaataa keessatti kan gahee qabaniidha. Isaanis: afaan, qoonqoo, esofaagasii, garaacha, mar'immaan qal'aafi mar'immaan furdaa fa'iadha. Nyaanni **afaan** keessatti ilkaaniin caccaba. Arrabni

caccabuu nyaataatiif deeggarsa taasisa. Hancufni nyaata caccabe jiisa. Kana booda nyaanni **qoonqoon** gara keessatti liqimfamee ujummoo esofaagasiin seena.

Esofaagasiin ujummoo dheeraa afaan irraa hanga garaachaa dheeratuudha. Esofaagasiin nyaata liqimfamee gara garaachaa dabarsa.


Garaachi nyaata yeroof kuusuufi nyaata muraasa bulleessuuf oola. Nyaanni garaacha keessatti hanga tokko erga bullaa'een booda gara **mar'imaan qal'aatti** darba. Mar'imaan qal'aa keessatti nyaanni bulaa'ee xumurama. Xuuxamuun nyaataas mar'imaan qal'aa keessatti raawwatama. Nyaanni osoo hinbullaa'in hafe gara **mar'imaan furdaatti** darba. Mar'imaan furdaa xuraawaa kuusuuf fayyada. Xuraawaan bifa bobbaatiin gara alaatti dhabamsiifama.



Fakkii 1.8 Qaamolee bullaa'insa nyaataa muraasa

Gocha 1.4

1. Qaamolee keessoo nafa keenyaa keessatti argaman kanneen olitti hin tuqamiin tarressi. Dalagaa isaaniis ibsi.
2. Fakkii qaamolee nafa keessaa agarsiisu armaan gadii irraa iddoo argama sammuu, onnee, sombaa, tiruu, kaleefi qaamolee bullaa'insaa mul'isi. Akkasumas, moggaasi.



1.5. Amaloota Fiizikaalaafi Keemikaalaa Maatarii Hiika Maatarii

Gaaffii hubannoo

Wantoota naannoo keessanitti argaman tarreessi.

Wanti hanga qabuufi bakka qabachuu danda'u kamiyyuu maatarii jedhama. Fakkeenyaaf, dhagaa, muka, bishaan, qilleensaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Maatariin kamuu amaloota mataa isaanii kan ittiin beekaman qabu. Amaloonni kunniinis maatarii tokko kan biroo irraa

adda baasanii beekuuf gargaaru. Isaan keessaa muraasni boca, hamma, halluu, rukkina, jabina, foolii, dhandhama, gubachuu, qabxii baqinaa, qabxii danfinaafi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u.

Fakkeenyaaf: Amalli bishaaniifi amalli alkoolii garagara.

Bishaan qulqulluun foolii kan hinqabne yommuu ta'u, alkooliin foolii qaba.

Amaloonni wantootaa bakka gurguddaa lamatti ramadamu.

Isaanis: Amaloota fiizikaalaafi keemikaalaa jedhamu.

Amaloota Fiizikaalaa Maatarii

Amaloonni fiizikaalaa maalummaafi Ruuqooleen wantootaa osoo hin jijjiiramin amaloota safaramuun yookiin qaamolee miiraatiin adda bahuu danda'aniidha.

Fakkeenyaaf: halluu, foolii, dhandhama, rukkina, hanga, boca, qabee, qabxii baqinaa, qabxii danfinaa, jabina, laafinafi kanneen kana fakkaatanidha.

Fakkeenyaota armaan olitti kennaman keessaa waa'ee halluu, rukkina, jabina, qabxii baqinaafi qabxii danfinaa tartiibaan haa ilaallu.

Halluu

Ijaan wantoota ilaaluun halluu isaanitiin adda baasuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf: halluun baala Odaa magariisa, halluun dhiigaa diimaa, halluun ashaboo adiiifi kanneen kana fakkaatanidha.

Rukkina

Rukkinni walitti siiqinsa Ruuqoolee wantoonni irraa ijaaraman kan agarsiisudha. Wantoonni Ruuqooleen isaanii baay'ee walitti siiqanii argaman rukkina guddaa yommuu qabaatan kanneen Ruuqooleen isaanii walirraa fagaatanii argaman rukkina xiqqaa qabu. Fakkeenyaaf, bosonni walitti rukkatee argamu kan walirraa fagaatanii argaman caalaa rukkina guddaa qaba.

Rukkinni hanga wantichaa qabee isaatiif hiruun kan argamuudha. Qabeen bakka wanti tokko qabatuudha.

$$\text{Rukkina} = \frac{\text{Hanga}}{\text{Qabee}}$$

Yaalii 1.1

Hanga bishaaniifi qabee bishaanii safaruun rukkina bishaanii shallagi. (Rukkinni bishaanii sirriin 1 g/cm^3 waan ta'eef kan safaraan argatte wajjin walbira qabuun ilaali)

Wantoota barbaachisan

- bishaan



madaala hangaa



siliindarii safaraa

Tartiiba hordofamuu qabu

1. Siliindarii safaraa, madaala hangaafi bishaan qopheessi.
2. Madaalli hangaa zeeroo irra jiraachuu mirkaneeffachuun siliindarii safaraa duwwaa isaa madaali.
3. Siliindarii safaraatti bishaan hamma ta'e naquun qabee isaa galmeessi.
4. Siliindarii safaraa bishaan ofkeessaa qabu hanga isaa madaali. Hangi argame kun hanga siliindarii safaraafi bishaanii ta'a.
5. Hanga siliindarii bishaan qabu irraa hanga siliindarii duwwaa hir'isi.
6. Hanga bishaanii qabee bishaanii tartiiba 5^{ffaa} irratti argameef hiruun rukkina bishaanii shallagi.
Rukkina= hanga/qabee

Jabina

Jabinni amaloota fiizikaalaa maatarii keessaa isa tokkoodha. Jabinni haala salphaa ta'een caccabuu dhabuu wantootaati. Fakkeenyaaf, dhagaa gurraacha, sibiilaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Qabxii baqinaa

Wantoonni jajjaboon anniisaa ho'aatiin baquun gara dhangala'ootti jijjiiramu. Adeemsi jajjaboon gara dhangala'ootti jijjiiramu kun baqiinsa jedhama. Qabxiin

teempireecharaa jajjaboon itti baqee gara dhangala'ootti jijjiiramu qabxii baqinaa jedhama.

Fakkeenya, cabbiin digirii seentigireedii zeeroo(0°C) irratti baquun gara bishaan dhangala'ootti jijjiirama. Kanaafuu, qabxiin baqinaa wanta tokko wanta biroo irraa adda baasuufi beekuuf nugargaara.

Qabxii danfinaa

Wantoonni dhangala'oon yommuu hoo'ifaman gara gaasitti jijjiiramu. Adeemsi dhangala'oon gara gaasitti jijjiiramuu danfina jedhama. Qabxiin teempireecharaa dhangala'oon gara gaasitti jijjiiramu qabxii danfinaa jedhama.

Fakkeenyaaf, bishaan digirii seentigireedii dhibba (100°C) irratti danfa. Akkuma qabxii baqinaa qabxiin danfinaas wantoota garaagaraa adda baasuuf gargaara.

Gocha 1.5

Wantoota armaan gadii amaloota fiizikaalaa kanneen akka foolii, halluu, dhandhama, rukkina, qabxii baqinaafi qabxii danfinaa keessaa kamiin adda bahuu akka danda'an ibsi.

- Ashaboo nyaataafi sukkaara
- Bishaaniifi zayita
- Daaraa mukaafi daakuu cilee
- Cabbiifi bishaan dhangala'oo
- Bishaaniifi alkoolii

Amaloota Keemikaalaa Maatarii

Amalli wanta tokkoo kan qabiyyee yookiin maalummaa isaa jijjiiruun mul'atu amala keemikaalaa jedhama. Amaloonni keemikaalaa kanneen akka dandeettii gubachuu, summaa'uu, tortoruufi kanneen kana fakkaataniidha. Fakkeenyaaf, dandeettii gubachuu wantootaa, jiidhinsa keessatti dandeettii dandaa'uu sibiilotaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Gocha 1.6

Gocha kana gareedhaan ta'uun hojjadhaa

1. Mismaara wanta jiidhaa keessa buusuun guyyaa biraa jijjiirama mul'atu dareef gabaasaa.
2. Daree barnootaa keessatti waraqaa lama qopheeffadhu. Waraqaa tokkoffaa tarsaasi. Waraqaa lammaffaa gubi. Gocha kana lamaan keessaa kamtu jijjiirama fiizikaalaa yookiin keemikaalaa akka ta'e adda baasi.
3. Dungoo gubuun jijjiiramni mul'atu maal akka ta'e ibsi.


1.6 Uumama Gaaddidduu

Hiikkaa Gaaddidduu

Gaaffii hubannoo

1. Gaaddidduun yommuu kam uumama?
2. Dheerinni gaaddidduu kee ganamaa fi guyyaa wal-qixaa? Maaliif?

Madda ifaa fuuldura wanti ifa ofkeessa hindabarsine yoo jiraate duubni wantichaa nidukkanaa'a. Dukkanni uumamu kunis gaaddidduu jedhama.



Fakkii 1.9 uumamuu gaaddidduu

Guddinniifi xiqqeenyi gaaddidduu uumamuu fageenya wanta ifa ofkeessa hindabarsineefi madda ifaa giddu jiru irratti hundaa'a. Akkasumas, guddinniifi xiqqeenyi gaaddidduu uumamuu kallatti xiyyi ifaa wanticha irra qubatu irrattis nihundaa'a. Wanti ifa ofkeessa hin dabarsine madda ifaatti yoo siqe gaaddidduun isaa niguddata. Yommuu madda irraa siqu immoo gaaddidduu xiqqa ta'a. Akkasumas kallattii ifaa jijjiiruun dheerinaafi gabaabina gaaddidduu ilaaluun nidanda'ama.

Fakkeenyaaf, ganama yommuu aduun baatu gaaddidduun wantootaa dheeraa ta'a. Suutumaan gara guyyaatti siqaa yommuu deemamu gaaddidduun xiqqaachaa dhufa. Gara galgalaa immoo gaaddidduun nidheerata.



Ganama
Gaaddidduun ni
dheerata



Guyyaa
Gaaddidduun ni
gababbata



Gara galgalaa
Gaaddidduun ni
dheerata

Fakkii 1.10 hojjaa gaaddidduu garaagaraa

Sochii Ifaa

Gaaffii hubannoo

Ifti madda isaa irraa ka'ee haala kamiin nubira gaha?

Ifti madda isaa irraa ka'ee daandii sirrii irra socho'uun nubira gaha. Ganama yommuu aduun baatu qaawwa manaa keessaan caamni ifaa argamu xiyya ifaa jedhama. Ifti saffisa guddaadhaan waan socho'uuf, sekondii tokko keessatti 300,000km deema.

Gocha 1.7

Galgala dungoo boba'u yookiin madden ifaa kanneen biroo fuuldura dhaabbachuun duuba keetitti wanti uumamu maal akka ta'e himi. Irraa siiquufi itti siquun garaagarummaa jiru ibsi.

Gilgaala Boqonnaa 1

A. Himoonna armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" sirrii yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Jireenyi nama tokkoo fayya qabeessa kan jedhamu qaamaafi sammun isaa qindoominaan yoo hojjateedha.
2. Gaaddidduu wanta tokkoo ilaaluun wantichi maal akka ta'e beekuun nidanda'ama.
3. Afuuffeen yommuu afuuffamu qilleensi iddoo qabata.
4. Iddoon wanti tokko qabachuu danda'u qabee jedhama.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Faayidaa nyaataa kan ta'e kami?

- A. Anniisaaf
- B. Guddinaaf
- C. Dhukkuba ittisuuf
- D. Hunduu

2. Dhangaalee armaan gadii keessaa ijaarsa qaamaaf kan oolu kami?

- A. Kaarboohaayidireetota
- B. Pirootinoota
- C. Viitaaminoota
- D. Albuudota

3. Dhangaaleen hamma xiqqaa ta'een qaama keenyaaf kan barbaachisan kami?

- A. Pirootinoota
- B. Albuudota
- C. Viitaaminoota
- D. B fi C

4. Faayidaa bishaanii kan ta'e kami?

- A. Nyaata geejjibsiisuuf
- B. Gogiinsa gogaa ittisuuf
- C. Tempireechara nafaa to'achuuf
- D. Hunduu sirriidha

5. Nyaanni aadaa garbuu, qamadii yookiin xaafii irraa tolfame dhadhaa baqe itti naquun qophaa'u kami?

- A. Cuumboo
- B. Caccabsaa
- C. Qorii
- D. Marqaa

6. Qaamni gochaalee nafa keenyaa hunda kan too'atu kami?

- A. Onnee
- B. Kalee
- C. Sammuu
- D. Tiruu

7. Nyaanni qaama keenyaaf faayidaa maalii qaba?
- A. Anniisaa kenna
 - B. Guddinaaf
 - C. Dagaaginaaf
 - D. Hunduu deebiidha
8. Madda ifaa fuuldura wanti tokko yoo jiraate dukkanni duuba wantichaatti uumamu _____ jedhama.
- A. Fakkaattii
 - B. Gaaddidduu
 - C. Caama
 - D. Hunduu deebiidha
9. Wanti ifa ofkeessa hindabarsine madda ifaatti yoo siqe gaaddidduun uumamu maal ta'a?
- A. Dheeraa
 - B. Gabaabaa
 - C. Dimimmisaa
 - D. Hin beekamu
10. Wanti hangaafi iddoo qabatu maal jedhama?
- A. Maatarii
 - B. Amaloota
 - C. Hanga
 - D. Jajjaboo

11. Wantoonni naannoo keenyatti argaman faalkaalee fiizikaalaa meeqaan argamu?
- A. Tokko
 - B. Lama
 - C. Sadi
 - D. Afur
12. Faalkaalee fiizikaalaa keessaa boca meeshaa keessa jiruu kan qabu kami?
- A. Jajjaboofi dhangala'oo
 - B. Jajjaboofi gaasii
 - C. Jajjaboo qofa
 - D. Dhangala'oofi gaasii
13. Faalkaalee fiizikaalaa keessaa bocaafi qabee mataa isaa kan qabu kami?
- A. Jajjaboo
 - B. Dhangala'oo
 - C. Gaasii
 - D. Hunduu deebiidha
14. Kanneen armaan gadii keessaa amala gaasotaa kan ta'e kami?
- A. Rukkina guddaa qabu
 - B. Ni summuggamu
 - C. Boca mataa isaanii qabu

D. Hanga hinqaban

15. Faalkaan bishaanii bifa jajjabootiin argamu maal jedhama?

A. Hurka bishaanii

B. Cabbii

C. Rooba

D. Duumessa

16. Faalkaalee maatarii kam keessatti suudonni isaanii saffisaan socho'u?

A. Jajjaboo

B. Dhangala'oo

C. Gaasii

D. Hunduu deebiidha

BOQONNAA 2

ARGAMA NAANNOO KEENYAA

2.1 Naannoo Oromiyaa

Gaaffii hubannoo

Maqaan godina keetii maal jedhama? Eessatti argama?

Naannoon Oromiyaa naannolee biyyi Itiyoophiyaa qabdu keessaa isa tokkoodha. Oromiyaan godinaalee/Bulchiinsota magaalaa garagaraatti qoodanti.

Naannoon Oromiyaa kallattiilee adda addaatiin naannolee ollaa kanneen biroofi biyyoota ollaa Itoophiyaa jiraniin daangeffamtee arganti.

2.2 Yaad-rimee Kaartaa

Gaaffilee hubannoo

Waantoonni dirra lafaa irra jiran eessatti akka argaman maaliin ibsita?

Kaartaan qaama lafaa gar-tokkee yookiin guutuu ta'e waraqaa diriiraa irratti haala salphaan kan mul'isuudha.

Wantoonni kaartaa irratti agarsiifaman filatamoo kan ta'aniifi gad-xiqqaachuun kan agarsiifamaniidha.

Kaartaa irratti wantoonni akka samii irraa gadi ilaalamutti kaafamu. Kaartaa irratti mallattooleefi bakka bu'eewwan garagaraatiin fayyadamnee wantoota agarsiifna.

Gosoota Kaartaa

Qoodamni kaartaa ulaagaalee adda addaa irratti hundaa'a. Kanneen keessaa inni tokko faayidaa kennu irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodama. Isaanis: kaartaa fiizikaalaafi siyaasaa jedhamu.

a) Kaartaa Fiizikaalaa

Kaartaa fiizikaalaa jechuun kaartaa wantoota uumamaan jiran kan agarsiisudha. Fakkeenyaaf, teessuma lafaa adda addaa, qaamolee bishaanii, biqiltoota uumamaa, biyyee, faca'iinsa qilleensa baramaafi kanneen kana fakkaataniidha.

b) Kaartaa Siyaasaa

Kaartaan siyaasaa biyyootafi daangaa isaanii, naannolee, magaalota gurguddoo, daandiiwwan, qubannaa ummataafi iddoowwan beekamoo ta'an fa'i kan agarsiisudha.

Gocha 2.1

Garaagarummaa gosoota kaartaa fiizikaalaafi siyaasaa jidduu jiru irratti mar'achuun barattootaaf daree keessatti waliif ibsaa.

Faayidaa Kaartaa

Gaaffii hubannoo

Jireenya kee keessatti kaartaa irraa fayidaa akkamii argattee beekta?

Kaartaan dhimma kaafameef irratti hundaa'ee faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni isaanii:

- a) argama wantootaafi iddoowwanii beekuuf;
- b) fageenyafi bal'ina iddoowwaniifi wantoota gidduu kaartaa irraa shallaguuf;
- c) kallattii wantootaafi iddoowwanitti argaman agarsiisuuf;
- d) faca'iinsa wantootaa ibsuuf;
- e) teessuma lafa adda addaa adda baasuufi kanneen kana fakkaataniidha.

2.3 Hiikkaa Argama Bir-qabaa

Gaaffii hubannoo

Godinni kee kallattii afraniin maaliin daanga'a?

Argamni bir-qabaa iddoowwan beekamoo ta'an akka ka'uumsaatti fudhachuun iddoon tokko isaan irraa kallatti kamitti akka argamu kan ittiin ibsamuudha. Fakkeenyaaf, argama bir-qabaa naannoo Oromiyaa himuuf naannoleefi biyyoota ollaa Oromiyaa ta'an kallatti waliin ibsuun nidanda'ama.

2.4 Hiikkaa Argama Dhugaa

Gaaffii hubannoo

Bakka jireenyaa kee himi.

Argama dhugaa jechuun kaartaa yookiin giloobii irratti sararoota yaadaa dagaleefi gadeen fayyadamuun wanti tokko eessatti akka argamu kan ittiin ibsamuudha.

Sararoota Dalgee

Sararoonni dagalee sararoota yaadaa kaartaa yookiin giloobii irratti bahaa gara dhihaa yookiin dhihaa gara bahaa waliitarree sararamanii digiriidhaan kan moggaafamaniidha.

Amaloota Sararoota dalgee

- giloobii irratti sararoonni dalgee korboowwanidha.
- bahaa gara dhihaa yookiin dhihaa gara bahaa sararamu.
- waliitarree waan ta'aniif wal hintuqan.
- sararoota dagalee keessatti korboo guddaan sarara mudhii lafaa yoo ta'u, gara bantiileetti suutaan xiqqaataa deemu.

Sararoota Gadee


Sararoonni gadee immoo sararoota yaadaa kaartaa yookiin giloobii irratti kaabaa gara kibbaa yookiin kibbaa gara kaabaa sararamanii digriidhaan kan moggaafamanidha

Amaloota Sararoota gadee

- giloobii yookiin kaartaa irratti kaabaa gara kibbaa yookiin kibbaa gara kaabaatti sararamu
- bantiilee irratti waltuqu.
- tokkoon tokkoo isaanii gar-tokkee korbooti.
- hunduu walqixa.



Sararoota Dalgee



Sararoota Gadee

Fakkii 2.1 Giloobii irratti sararoota yaadaa dagaleefi gadee


2.5 Argama Bir-qabaa Naannoo Oromiyaa

Gaaffii hubannoo

Bakka tokko bir-qabaan ibsuuf maal beekutu barbaachisa?

Oromiyaan kibbaafi kibba gidu-galeessa Itoophiyaattii arganti. Kallattii kaabaatiin naannoo Amaaraafi naannoo Affaar, kibbaan naannoo sabaaf sablammootafi uummattoota kibbaa fi naannoo Sidaamaa, kaaba dhihaatiin naannoo Benishaangul gumuz, bahaan naannoo Sumaaleefi, dhihaan

naannoo Gaambeellaatiin daangeffamti. Akkasumas, Oromiyaan kallattii kibbaatiin biyya Keeniyaa fi kallattii dhihaatiin biyya Suudaan kibbaatiin daangeffamti.




Fakkii 2.2 Argama Oromiyaa Itiyooophiyaa Keessatti

2.6 Argama Dhugaa Naannoo Oromiyaa

Gaaffii hubannoo

Argama dhugaa bakka tokkoo ibsuudhaaf maal beeku qabda?

Agramni dhugaa naannoo Oromiyaa kaartaa irratti sararoota yaadaa dalgeefi gadee fayyadamuun digriidhaan ibsama.



Fakkii 2.3 Argama dhugaa oromiyaa

Naannoon Oromiyaa dalgee 3°kaaba - 10°23' kaaba fi gadee 34°07' Baha - 42°58' Baha gidduutti argama.

Gocha 2.2

1. Fiixeen kibbaa Oromiyaa dalgee digrii meeqa irratti argama?
2. Fiixeen dhumaa dhiha Oromiyaa digrii meeqa irratti argama?

2.7 Argama Iddoowwan Beekamoo Naannoo Oromiyaa

Naannoon Oromiyaa iddoowwan beekamoo uumamaafi namtolchee ta'an hedduu qabdi. Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

Gaarreen Gurguddoo Naannoo Oromiyaa

Naannoo Oromiyaa keessatti gaarreen beekamoo hedduu argamu. Isaan keessaa gaarreen beekamoo kanneen akka gaara Tulluu Diimtuu, gaara Cilaaloo, gaara Baatuu, gaara gaara Mul'ataafi kanneen kana fakkaataniidha.

Gaarri Tulluu Diimtuu gaarreen Baalee keessatti kan argamu ta'ee qixa sirrii galaanaa irraa ol olka'iinsa meetira 4389 ta'u qaba. Gaarri kunis olka'iinsaan gaarreen Itoophiyaa keessaa sadarkaa lammaffaa irratti argama. Gaarri kun bineensonni beekamoo ta'an kan akka Jeedala diimtuufi allattiiwwan garagaraa iddoo jiraatanidha.

Akkasamus, gaarri cilaaloo godina Arsii keessatti kan argamu yoo ta'u gaarri baatuu godina baaleefi, gaarri gaara mul'ataa immoo godina Harargee Bahaa keessatti argama.

Paarkiiwwan Beekamoo Naannoo Oromiyaa

Paarkii jechuun iddoo beekamoo ta'ee bakka qabeenyi uumamaa itti kunuunfamuufi tajaajila bashannanaatiif kan ooludha.

Paarkiiwwan biyyoolessaa beekamoon Oromiyaa keessatti argaman kanneen akka paarkii biyyoolessaa gaarreen Arsiifi Baalee, paarkii biyyoolessaa Booranaa, paarkii biyyoolessaa Abijaataa-Shaallaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Paarkiingaarreen Arsii fi Baalee paarkii lafa olka'oo godinaalee Arsii fi Baalee keessatti argamuudha. Paarkiin biyyoolessaa abijaataa-Shaallaa iddoo hawwataa sulula qiinxamaa keessaa isa tokko ta'ee godina Arsii Lixaatti argama. Paarkiin kun beneensota gara garaa fi allaattiiwwn akka Guchiifi filaamingoo ofkeessaa qaba. Paarkiin biyyoolessaa Booranaa immoo godina Booranatti argama **Holqa Soof-Umar**.

Holqi **Soof umar** godina Baalee bahaa keessatti argama.

Holqi kun dheerina hanga kiloomeetira 15.1 kan qabuufi tuuristoota hedduun kan daawwatamudha. Lagni Wayib holqa kana keessa yaa'a.



Fakkii 2.4 Holqa Soof umar

Iddoowwan beekamoo nam-tolchee ta'an

Naannoo Oromiyaa keessatti iddoowwan beekamoo ta'an kanneen biroo kan akka dirree Sheekhuseen, masaraa

Abbaa Jifaar, masaraa Kumsaa Morodaafi kanneen kana fakkaatanitu argamu.

Gocha 2.3

1. Iddoowwan beekamoo naannoo Oromiyaa keessatti argaman kam fa'i? Iddoo argama isaanitis himi.
2. Paarkiin Abijaataa-shaallaa bineensota akkamii ofkeessaa qaba?
3. Holqi Soof Umar eessatti argama?

2.8 Argama, Fageenyaafi Kallattii Bakkeewwan Naannoo Keenyaa

Argamni, fageenyiifi kallattiin iddoo murtaa'e tokko ibsuuf gargaaru.

Fageenyi safarri wantootaa yookiin iddoowwan lama gidduu garaagarummaa hammaan jiru kan agarsiisudha.

Fakkeenyaaf argama dhugaa Finfinnee sarara dalgeettiin yoo ibsinu 9° kaaba jenna. Kana jechuun Finfinneen mudhii lafaa irraa gara kaabaatti 9° fagaattee argamti jechuudha.

Naannoon Oromiyaa kibba, jiddugaleessa kibbaafi gara dhihaa Itoophiyaatti argamti. Magaalaa guddoon Oromiyaa, Finfinneen jiddugaleessa biyyaatti argamti. Walumaagalatti argamni, fageenyiifi kallattiin argama iddoo yookiin wantootaa ibsuuf fayyadu.

Gilgala Boqonnaa 2

A. Himoonni armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" sirrii yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Naannoon Oromiyaa kaabaan biyya Eertiraatiin daangeffanti.
2. Kaartaa Itoophiyaa irratti naannolee Oromiyaa daangessan keessaa tokko naannoo Tigraayi.
3. Argama dhugaatiin naannoon Oromiyaa dagalee 3° kaabaa - 10°23' kaaba jidduutti arganti.
4. Gaarri Tulluu diimtuu godina Baalee keessatti argama.
5. Holqi Sof Umar bakka beekamaa godina Harargee bahaa keessatti argamuudha.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Naannoon Oromiyaa naannolee Amaaraafi Affaar irraa garamitti argama?
 - A. Kaaba
 - B. Kibba
 - C. Baha
 - D. Dhiha
2. Masaraan Kumsaa Morodaa Finfinnee irraa garamitti argama?
 - A. Baha
 - B. Dhiha
 - C. Kaaba
 - D. Kibba

3. Masaraan Abbaa Jifaar godina kam keessatti argama?

- A. Arsii
- B. Baalee
- C. Finfinnee
- D. Jimma

4. Naannoon Oromiyaa biyya Sudaan kibbaa irraa garamitti argama?

- A. Dhihatti
- B. Kibbatti
- C. Kaabatti
- D. Bahatti

5. Itoophiyaa keessatti naannoon Oromiyaa garamitti arganti?

- A. Kaabatti
- B. Giddugaleessatti
- C. Kibbaafi kibba jiddugaleessaatti
- D. Dhihatti

6. _____ iddoowwan lama gidduutti garaagarummaa hammaan jiru agarsiisa.

- A. Kallattiin
- B. Argamni
- C. Fageenyi
- D. Hunduma

7. Naannoon Oromiyaa biyya Keeniyaa irraa garamitti arganti?

- A. Kaaba
- B. Kibba
- C. Baha
- D. dhiha

8. Kanneen armaan gadii keessaa gaarri guddaan naannoo Oromiyaa godina kam keessatti argama?
- A. Baaletti
 - B. Shawaa bahaatti
 - C. Arsiitti
 - D. Harargee Lixaatti
9. Amaloota sarara dalgee kan hintaane adda baasi?
- A. Waltuqu
 - B. Korboowwani
 - C. Waliitarreedha
 - D. A fi B
10. Argama dhugaa kan hin agarsiifne kami?
- A. Sarara dagalee
 - B. Sarara gadee
 - C. Walbira qabuu
 - D. A fi B

BOQONNAA 3

NAANNOO UUMAMAA

3.1 Qilleensa Baramaa Naannoo Keenyaa

Gaaffii hubannoo

Bakka jiraattutti hawaasni qilleensa baramaa akkamiin ibsu?

Qilleensi baramaan amala qilleensaa giddu-galeessaan osoo hinjijjiiramiin yeroo dheeraaf naannoo tokkotti mul'atuudha. Dheerinni yeroo kunis giddu-galeessaan hamma waggoota soddonii shanii ta'uu danda'a.

3.2 Garaagarummaa Qilleensa Jijjiiramaafi Qilleensa Baramaa

Gaaffii hubannoo

Haalli qilleensaa bakka ati jiraattuu maal fakkaata?

Qilleensi jijjiiramaa, qilleensa iddoo murtaa'aa ta'e tokko irratti amalli isaa yeroo gabaabaa keessatti jijjiiramudha. Fakkeenyaaf, namoonni yeroo baay'ee har'a aduun cimaadha, ni ho'a, roobni har'aa tiifuudha yookiin cimaadha, galagala

bubbeen cimaa ture jechuun haala qilleensa iddoo sanaa ibsu. Haala walfakkaatuun, haalli qilleensaa torbee, ji'aa fi waggaan jijjiiramuu nidanda'a. Adeemsi kun haala qilleensaa yeroo gabaabaa ibsa.

Qilleensi jijjiiramaa hammi teempireecharaafi roobaa isaa yeroo gabaabaa kanneen akka guyyaafi torbeen keessatti safaramuun ibsamuudha. Kana irraa ka'uun hallii qilleensaa fuulduratti qorraa yookiin hoo'aa ta'uu danda'a jechuun raadiyoofi teelevziiniin gabaafama.

Qilleensi baramaan amala qilleensaa kan yeroo gabaabaa safaramee giddugaleessi isaa erga fudhatameen booda kan waggaa dheeraa walitti qabun ibsamuudha. Fakkeenyaaf magaalaa Roobee qabanooftudha, yoo jedhamu amala qilleensi naannoo sanatti uumamu qoratamee gid dogaleessi isaa fudhatameeti. Gama birootiin magaalaa Adaamaa hoo'ituudha yoo jedhamu amala qilleensaa magaalaa kun qabu yeroo baay'ee hoo'aa waan ta'eefi.

Qilleensi baramaan jiruufi jireenya namaa irratti kallattii adda addaatiin dhiibbaa qaba. Isaanis: ijaarsa manaa irratti, hojii qonnaa, uffannaafi kanneen kana fakkaataniidha. Fakkeenyaaf, naannoo gammoojjii hoo'aatti haalli ijaarsa manaa baaxii isaa irratti cirracha uwwisu. Kunis hoo'a guddaa guyyaa damdamachuufi. Gosti biqiltootaafi oomishni midhaanii qilleensa baramaa irratti hundaa'uun iddoodhaa gara iddootti garaagarummaa qabu. Kanaafuu, qilleensi baramaan jireenya namaa irratti dhiibbaa guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Gocha 3.1

Garaagarummaa qilleensa jijjiiramaa fi qilleensa baramaa gidduu jiru ibsi.

3.3 Ruuqoolee Qilleensa Baramaa

Gaaffii hubannoo

Ruuqoolee qilleensa baramaa tarreessi.

Qilleensa baramaa naannoo tokkoo kanneen ibsan Ruuqoolee qilleensa baramaa jedhamu. Isaanis: teempireechara, dhiibbaa qilleensaa, bubbee, hurka, rooba, duumessaafi ifa aduu fa'i. Isaan kanneen keessaa teempireecharaafi rooba fudhannee haa ilaallu.

Teempireechara


Teempireecharri maali?

Teempireecharri hamma hoo'inaafi qorrina wanta tokkoo yookiin iddoo tokkooti. Teempireecharri meeshaa teermoomeetirii jedhamuun safarama.

Teermoomeetirri dhangala'oo keessatti argamu irratti hundaa'uun gosa lamatu jira. Isaanis, teermoomeetira meerkuuriifi teermoomeetira alkooliidha.



Teermoomeetira
Alkoolii



Teermoomeetira
Meerkurii

Fakkii 3.1 teermoomeetira teempireechara guddaafi xiqqaa safaran

Teermoomeetirri meerkurii hamma hoo'insa isa guddaa kan guyyaa yommuu safaru, teermoomeetirri alkoolii immoo hoo'insa isa xiqqaa kan guyyaa safara.


Naannoo keenya keessatti iddoowwan garagaraa teempireechara adda addaa qabu. Fakkeenyaaf Finfinneefi magaalli Jimmaa teempireecharri isaanii walfakkaataa miti.

Rooba

Gaaffii hubannoo

Roobni maali?

Roobni copha bishaanii duumessa irraa uumamee gara lafaatti dhufuudha. Meeshaan hammi roobaa ittiin safaramu Reengeejii jedhama.



Fakii 3.2 Reengeejii

Naannoon Oromiyaa teessuma lafaa adda addaa qaba. Garaagarummaan teessuma lafaa kun hammi roobaa iddoodhaa iddootti addaa addummaa akka qabaatu taasisa.

3.4 Too'attoota Qilleensa Baramaa

Gaaffii hubannoo

Bakka jiraattutti haalli faca` iinsi roobaafi hoo`aa akkami?
Maalfaatu isaan irratti dhiibbaa qaba jettee yaadaa?

Fuula lafaa irratti qilleensi baramaa iddoofi yeroodhaan akka jijjiiramu wantoonni taasisan too'attoota qilleensa baramaa jedhamu. Isaanis: dagalee lafaa, olka'insa lafaa, bubbeefi kanneen kana fakkaataniidha.

Dalgeen lafaa fageenya iddoon tokko mudhii lafaa irraa gara kaabaa yookiin gara kibbaatti qabu agarsiisu. Fageenyi iddoon mudhii lafaa irraa gara kaabaafi kibbaan qabu hamma

anniisaa ho'aa iddoo sanaa irratti dhiibbaa qaba. Fakkeenyaaf, naannoon mudhii lafaa baay'ee hoo'a. Dagaleen lafaa gara kaabaafi kibbaatti dabalaa yommuu deemu hammi hoo'aa xiqqaachaa dhufuun naannoo bantiileetti baay'ee qorra. Kunis kan ta'uu danda'eef sirrii biiftuu irraa fagaachaa waan deemamuufi.

Gaaffii hubannoo

Hariiroo olka'insa lafaafi haala teempirecheraa/hoo`insaa ibsi.

Olka'iinsi lafaa fageenya teessumni lafaa sirrii galaanaa irraa ol ka'ee argamuudha. Garaagarummaan olka'iinsa lafaa faca'iinsa roobaafi haala teempireecharaa irratti dhiibbaa geessisa. Fakkeenyaaf, iddoon olka'iinsa olaanaa qabu qabbanaa'aa yommuu ta'u, lafti dakeen immoo hoo'aa ta'a. Akkasumas, naannoo lafa olka'aatti roobni kan baay'atu yommuu ta'u iddoo lafa dakeetti immoo roobni xiqqaachuu danda'a.

Faffaca'iinsa teempireecharaa naannoo keenyaa iddoofi yeroon

Faffaca'iinsi teempireecharaa naannoo Oromiyaa caalaatti kan murtaa'u olka'iinsaa lafaatini.

Oromiyaan teessuma lafaa garagaraa qabdi. Fakkeenyaaf, teessumni lafaa olka'insa sirrii galaanaatii ol meetira 3300fi isaa ol ta'e teempireechara 10°C fi sanaa gadi qabu.

Haalli Teempireechara naannoo Oromiyaa waqtiilee irrattis

hundaa'uun garaagarummaa qabaata.

Fakkeenyaaf, waqtii gannaa haalli qilleensaa yommuu hoo'u, waqtii bonaa immoo niqabbanaa'a. Waan kana ta'eef waqtii gannaatti ho'i cimaa Aduu irraa gad-lakkifamu bishaan dirra dachee irraa hurkisiisuun roobni akka argamu godha.

Haalli faca'iinsa roobaa naannoo keenyaa iddoofi yeroodhaan garaagarummaa qaba. Kunis jijjiirama dhiibbaa qilleensafi garaagarummaa olka'iinsa irratti hundaa'a. Akka Oromiyaatti faca'iinsi roobaa waqtiilee irratti hundaa'ee garaagarummaa qabaata. Waqtiileen kunniinis ganna, birraa, bonaafi arfaasatti qoodamu.

3.5. Qabeenya Uumamaa Naannoo Keenyaa

Gaaffilee hubannoo

1. Qabeenyi uumamaa maali?
2. Qabeenya uumamaa naannoo keessanitti argaman tarreessi.

Qabeenyi uumamaa wantoota uumamaan argamaniifi dhalli namaa fedhii isaa ittiin guuttachuuf fayyadamaniidha. Isaanis: albuudota, biqiltoota, bineeldota, biyyee, bishaan, ifa aduufi kanneen kana fakkaataniidha.

Albuudota Naannoo Oromiyaa

Albuudonni Oromiyaa keessatti argamani maal fa'i?

Oromiyaa keessa albuudotaa hedduutu jiru. Facaatiin albuudotaa iddoodhaa iddootti garagara.

Facaatiin isaanii gabatee armaan gadii keessatti ibsamaniiru.

Gabatee 3.1 faca'iinsa albuudota Oromiyaa

| Albuudota | Iddoo itti argaman |
|------------------|---|
| Warqee | Gujii, Lixa Oromiyaa, Shawaa lixaafi Shawaa kaabaa |
| Nikeelii | Gujii |
| Ayiranii | Lixa Oromiyaa |
| Pilaatiniyeemii | Lixa Oromiyaa |
| Foosfeetii | Lixa Oromiyaa, Harargee lixaa |
| Giraanaayitii | Boorana, Gujii, Harargee bahaa, Harargee lixaa |
| Dhagaa hoofii | Harargee bahaa, Harargee lixaa, Shawaa lixaafi Shawaa kaabaa |
| Daaraa soodaa | Shawaa bahaa |
| Dhagaa cilee | Lixa Oromiyaa, Harargee lixaa |
| Jipsamii | Shawaa bahaa, Shawaa lixaafi Shawaa kaabaa |
| Marbilii | Lixa Oromiyaa, Harargee bahaa |
| Kuwartiizii | Gujii |
| Silikaa | Harargee bahaa |
| Koopparii | Harargee lixaa |
| Baasaaltii | Godina addaa naannawa Finfinnee |
| Bishaan albuudaa | Shawaa lixaafi Shawaa kaabaa, Harargee bahaa, Godina addaa naannawa Finfinnee |



Warqee



Dhagaa cilee



Pilaatiniyeemii



Nikeelii



Ayiranii



Dhagaa hoofii



Fosfeetii



Giraanaayitii



Daaraa soodaa

Fakkii 3.3 Gosoota albuudota Oromiyaa keessaa muraasa

Bineensota Naannoo Oromiyaa

Gaaffii hubannoo

Bineensota bosonaa ni beektaa? Mee muraasa isaanii tarreessi.

Qabeenya bineensota bosonaa Itoophiyaan qabdu keessaa irra caalaan Oromiyaa keessatti argamu. Akka addunyaatti Naannoo Oromiyaa keessatti qofa kan argamanis nijiru.

Bineensota bosonaa naannoo keenya keessatti argaman keessaa muraasni kan akka Jeedala diimtuu, Gadamsa baddaa, Qamalee, Qorkee, Borofa, Harree diidoo, Arba, Sattawwaa, Bosonuu, Waraabessa, Weennii, Leenca, Qeerreensa, Yeeyyii, Booyyee, Jaldeessa, Kuruphee, Gafarsaafi kanneen kana fakkaatan eeruun nidanda'ama. Fakkiiwwan armaan gadii ilaali.



Jeedala Diimtuu



Qamalee



Gadamsa Baddaa



Sattawwaa



Arba



Qorkee



Harree Diidoo



Waraabessa

Fakkii 3.4 Bineensota bosonaa Oromiyaa keessaa muraasa

Gocha 3.2

1. Albuudota naannoo Oromiyaa keessatti argaman maqaafi bakka isaan itti argaman namoota gaafachuun daree keessatti barattootaaf ibsi.
2. Bineensota bosonaa naannoo keessanitti beektan tarreessi.

3.6 Gosoota Qabeenya Uumamaa**Gaaffilee hubannoo**

1. Qabeenyi uumamaa maal fa'i jettee yaadda?
2. Qabeenyi uumamaa haaromfaman maal fa'i? Kanneen hin haaromfamne hoo?

Qabeenyi uumamaa kanneen haaromfamaniifi hin haaromfamne jedhamanii goodamuu nidanda'u.

Qabeenya uumamaa haaromfaman

Qabeenyi uumamaa haaromfaman qabeenya uumamaan haaromfamuu yookiin irra deebiin ofbakka buusuu danda'aniidha. Isaanis kanneen walhoruun yookiin marsaan bakka bu'aniidha. Qabeenyi uumamaa haaromfaman saffisa isaan ofbakka buusan caalaa yoo itti fayyadamne dhumuu nidanda'u. Kanaafuu, qusannoofi ofeeggannoon itti fayyadamuun nurraa eegama.

Qabeenyi uumamaa haaromfamuu danda'an kan akka qilleensaa, bishaan, bubbee, anniisaa ifa aduu, biqiltoota,

bineeldotaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Qabeenya uumamaa haaromfamuu hindandeenye

Qabeenyi uumamaa haaromfamuu hindandeenye takkaa dhumannaan argachuu kan hin danda'amneedha. Akka qabeenya uumamaa ofhaaromsanii walhoruu hin danda'ani. Kanaafuu, qusannoon itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Fakkeenya qabeenya uumamaa haaromfamuu hindandeenye kan ta'an kan akka albuudotaa, dhagaa cilee, gaasii uumamaa, petroliyeemiifi kanneen kana fakkaataniidha.

Gocha 3.3

1. Garaagarummaa qabeenya uumamaa haaromfamaniifi hinhaaromfamnee gidduu jiru ibsi.
2. Qabeenyawwan uumamaa naannoo keessanitti argaman tarreessuun kan haaromfamaniifi hin haaromfamne adda baasuun ramadi.

3.7 Faayidaalee Kunuunsa Qabeenya Uumamaa

Gaaffil hubannoo

Qabeenyi uumamaa faayidaa isaan dhala namaatiif qaban tarreessi.

Qabeenyi uumamaa faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

Madda nyaataati; Fakkeenya, biqiltootaafi bineeldota

Dawaadha; Fakkeenya, qullubbii, agamsa, harbuu, buqqee,

bakkanniisa, loomii, laaftoo, ceekaa, armaguusaa, hancabbii, odaa, baargamoo, andoodee, shuultii, buna, jinjibilaafi kanneen kana fakkaatan.

Dawoofi iddoo jireenya lubbu-qabeeyyii; Fakkeenya, bosonaafi mukeen gaaddisa qaban.

Madda galii; Fakkeenya, beelladotaafi biqiltoota adda addaa gurguruun galii irraa arganna.

Ijaarsaaf; Fakkeenyaaf, mukkeen, sibiilota, dhagaa, bilookkeettii, simintoo, cirrachaafi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun mana jireenyaa, gamoowwaniifi dallaa ijaaruun nidanda'ama.

Meeshaalee faayaa irraa hojjechuuf; Fakkeenya, qubeellaa qubaa, lootii mormaafi kanneen kana fakkaatan.

Uffata irraa oomishuuf; Fakkeenyaaf, jirbiifi gogaan bineensotaa uffata irraa hojjechuuf fayyadu.

Madda anniisaa; Fakkeenyaaf, anniisaa ifa aduu, anniisaa bubbee, anniisaa madda bishaanii, anniisaa ji'ootarmaaliifi baayogaasii irraa anniisaa arganna.

Qabeenyi uumamaa faayidaalee armaan olitti tarreeffaman waan qabuuf kunuunsuun barbaachisaadha.

Gama birootiin qabeenya uumamaa kunuunsuun madaallin uumamaa akka eegamuuf, dhaloota fuulduraatiif akka tajaajiluu danda'aniifi kanneen kana fakkaataniif gahee olaanaa qaba.

Akkasumas, qabeenya uumamaa kunuunsuun sonawwan armaan gadii qaba. Isaanis:

Sona diinagdee: qabeenyi uumamaa madda galii ta'uun diinagdee nama dhuunfaas ta'e diinagdee biyya tokkoo guddisuun hiyyumaa hir'isa.

Sona bareedinaa: qabeenyi uumamaa kan akka laggeenii, burqaan, haroowwan, bishaan ho'aa uumamaa, bosonni, bineensonni bosonaa, holqi, gaarreeniifi kanneen kana fakkaatan sona bareedinaaf oolu. Madda turizimii ta'uunis galii argamsiisu.

Sona qo'annoo: qabeenyi uumamaa garagaraa qo'annoo adda addaatiif oolu.

Sona aadaa: Aadaa uummataa biratti lafti, bosonni, bineensonni bosonaafi bishaan sona olaanaa qabu.

Sababootaafi Dhiibbaawwan Ijoo Manca'insa Qabeenya Uumamaa Naannoo Keenyaa

Gaaffii hubannoo

Akka naannoo keenyaatti sababoonni manca'iinsa qabeenya uumamaa maal fa'i?

Namoonni fedhii isaanii guuttachuuf jecha seeraan ala qabeenya uumamaatti kan fayyadaman yoo ta'e manca'iinsa qabeenya uumamaa fida.

Sababoota manca'iinsa qabeenya uumamaa ta'an keessaa muraasni:

- Humnaa-ol itti fayyadamuu,
- faalama naannoo
- saffisaan dabaluu baay`ina uummataa
- manca'insa bosonaa
- balaa ibidda bosonaafi kan kana fakkaataniidha.

Gaaffii hubannoo

Dhiibbaawwan manca'iinsa qabeenya uumamaatiin dhufan maal fa'i?

Manca'iinsi qabeenya uumamaa guddinaafi misooma biyyaa irratti dhiibbaa fida. Dhiibbaawwan manca'isa qabeenya uumamaatiin dhufuu danda'an keessaa muraasni:

- rakkoo fayyaa lubbu-qabeeyyii,
- baay'inni lubbu-qabeeyyii hir'achuu,
- industiriifi turizimiin hir'achuufi kanneen kana fakkaataniidha.

Qabeenya Uumamaa Kunuunsuuf Taarkaanfilee Akka Naannootti Fudhatamuu Qaban

Qabeenya uumamaa kunuunsuun madaala uumamaa eeguufi dhaaloota egereetiif akka darbu gochuun barbaachisaadha.

Qabeenya uumamaa kunuunsuuf tarkaanfileen fudhataman hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni:

- bosona kunuunsuu,
- biqiltoota dhaabuu,

- daagaa ijaaruu,
- dalga qotuu,
- xuraawaa qaama bishaanitti gadi lakkisuu dhiisuu,
- bineensotaaf kunuunsa taasisuu.
- qilleensi naannoo akka hin faalamne taasisuu,
- seera ittiin manca`iinsa qabeenya uumamaa too'atan baasuun hojiirra oolchuufi kanneen kana fakkaatanidha.

Gocha 3.4

1. Faayidaaleefi duudhaalee qabeenya uumamaa ibsi.
2. Qabeenya uumamaa naannoo keessatti argaman kunuunfamuuf tarkaanfilee fudhatamuu qaban tarreessi.
3. Qabeenya umama tiksuufi kunuunsuun faayidaa maali qabaa?
4. Sababootaafi dhibbaawwan manca`iinsa qabeenya uumamaa ibsi.

3.8 Barsiifata Gaariifi Badaa Balfi Ittiin Dhabamsiifamu

Gaaffii hubannoo

Barsiifanni gaariin balfi ittiin dhabamsiifamu kan akkamiiti?
Barsiifatni badaan hoo?

Balfi naannoo manaa, mana baruumsaa, warshaaleefi iddoo garaa garaatii bahu naannoo faaluun fayyaa lubbu-qabeeyyi

irratti miidhaa fida. Rakkoo uumamuu danda'u hir'isuuf barsiifata gaarii balfi ittiin dhabamsiifamu hordofuun barbaachisaadha. Isaan keessaa muraasni:

- balfa gatamu hir'isuu,
- wantoota irra deebiin tajaajiluu danda'an walitti qabuun hojiirra oolchuu,
- wantoota garaa garaa irra deebiin fayyadamuu,
- balfa yommuu walitti qabaman kan tortoraniifi kan hin tortorre adda baasuun dhabamsiisuu,
- balfa warshaalee keessaa bahan naannootti akka gadi hinlakkifamne ittisuu,
- keemikaalota miidhaa geessisan qaamolee bishaanitti gadi lakkisuu dhiisuufi kanneen kana fakkaataniidha.

Barsiifanni badaan balfa dhabamsiisuu lubbu qabeeyyii irratti miidhaa dhaqqabsiisu. Barsiifanni badaa balfa dhabamsiisuu keessaa muraasni:

- Balfa bishaanitti gatuu,
- Xurii warshaalee keessaa naannootti gadi lakkisuu,
- Keemikaalota miidhaa geessisan naannootti gadi lakkisuudha.

Balfa Mala Sirrii Hintaneen Dhabamsiisuun Dhiibbaa Fidu

Balfa mala sirrii hintaneen dhabamsiisuun dhiibbaa fiduu danda'u keessaa muraasni:

- bo'oo lolaa cufuun daandiin akka miidhamu taasisa,
- balfa gubuun qilleensi naannoo akka faalamu taasisa,
- pilaastikoondi biyyee keessatti kuufamuun waan hin tortorreef lubbu-qabeeyyii irratti miidhaa geessisa,
- balfi xuraawaan bishaanitti gatame lubbu- qabeeyyii irratti miidhaa geessisa,
- balfa iddoo jireenyaatti kuusuun foolii badaa uumuun fayyaa irratti dhiibbaa fida.

Faayidaa naannoo qulqulleessuun qabu

Mala sirrii ta'een balfa dhabamsiisuun naannoo qulqulleessuun faayidaa hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni:

- fayyaan lubbu qabeeyyii akka eegamu taasisa.
- qilleensi naannoo jireenyaaf mijataa akka ta'u taasisa.
- bishaan akka hinfaalamneefi lubbu-qabeeyyiin bishaan keessa jiraatan akka hin miidhamne gargaara.
- iddoo jireenyaa mijataa taasisa.

Gocha 3.5

1. Xaa'oon uumamaa akkamitti qophaa'uu akka danda'u namoota gaafachuun dareef gabaasi. Tooftaan kun balfa hir'isuu keessatti gaheen inni qabu maali?
2. Naannoo kee erga daawwatteen booda malleen balfa ittiin dhabamsiifaman gaariifi badaa himi.

Gilgaala Boqonnaa 3

A. Himoonna armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" sirrii yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Qilleensi baramaan amala qilleensaa giddu-galeessaan osoo hinjijjiiramiin yeroo dheeraaf naannoo tokkotti mul'atudha.
2. Qilleensa baramaa naannoo tokkoo kanneen ibsan Ruuqoolee qilleensa baramaa jedhamu.
3. Dhagaan, biyyeefi bishaan fakkeenya qabeenya uumamaati.
4. Anniisaan dhagaa cilee irraa argamu qabeenya uumamaa miti.
5. Warqeen Gujiifi Shawaa lixaa keessatti ni argama.
6. Jeedalli diimtuufi Harree diidoon Oromiyaa keessatti hin argaman.
7. Qabeenyi uumamaa haaromfaman qabeenya bakka bu'uu danda'aniidha.
8. Qilleensi, bishaaniifi bineeldonni fakkeenya qabeenya uumamaa haaromfamaniiti.
9. Qabeenyi uumamaa hin haaromfanne tti fayyadamuurraa kan ka'e hin dhumani.
10. Albuudonni, gaasiin uumamaafi petiroliyeemiin qabeenya uumamaa haaromfamu hin dandeenyeedha.

11. Qabeenyi uumamaa haaromfamuu danda'an waan hindhumneef, kunuunsiifi ofeeggannoon godhamuuf hin qabu.
12. Namoonni qabeenya uumamaatti seeraan yoo fayyadaman manca'insa qabeenya hin uumamu.
13. Manca'insi qabeenya uumamaa guddinaafi misooma biyyaa irratti dhiibbaa fida.
14. Qabeenya uumamaa kunuunsuu dhiisuun madaala uumamaa eeguun nidanda'ama.
15. Balfi iddoodhuma kamittuu yoo gatame naannoo irratti dhiibbaa hinfidu.
16. Wantoota irra deebiin tajaajiluu danda'an walitti qabuun hojiirra oolchuu balfa hir'isuun nidanda'ama.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Ruuqoolee qilleensa baramaa keessaa hamma qorina yookiin hoo'ina iddoo tokkoo kan ta'e kami?
 - A. Jiidhinsa
 - B. Rooba
 - C. Teempireechara
 - D. Dhiibbaa qilleensaa
2. Kanneen armaan gadii keessaa too'attoota qilleensa baramaa kan ta'e kami?
 - A. Olka'insa lafaa
 - B. Jiidhinsa
 - C. Teempireechara
 - D. Dhiibbaa qilleensaa

3. Albuudni Oromiyaa keessatti argamu kami?
 - A. Pilaatiniyeemii
 - B. Nikeelii
 - C. Ayiranii
 - D. Hunduu deebiidha.
4. Bineensa bosonaa kan hintaane kami?
 - A. Gadamsa baddaa
 - B. Arba
 - C. Qotiyoo
 - D. Gafarsa
5. Qabanya uumamaa irraa kan tolfamuu danda'u kami?
 - A. Uffata
 - B. Konkolaataa
 - C. Televiziyiinii
 - D. Hunduu deebiidha
6. Qabeenya uumamaa keessatti kan hammatamuu hindandeenye kami?
 - A. Raadiyoo
 - B. Bineensota
 - C. Biqiltoota
 - D. Albuudota

7. Faayidaa qabeenya uumamaa kan ta'e kami?
- A. Madda nyaataa
 - B. Madda galii
 - C. Ijaarsa manaa
 - D. Hunduu deebiidha
8. Faayidaa biqiltootaa kan hinta'in kami?
- A. Nyaataaf oolu
 - B. Madaala uumamaa jeequ
 - C. Roobni akka roobu gochuun hongee ittisu
 - D. Iddoo jireenyaafi dawoo lubbu-qabeeyyiiti
9. Kanneen armaan gadii keessaa madda anniisaa kan ta'e kami?
- A. Ifa aduu
 - B. Bubbee
 - C. Baayogaasii
 - D. Hunduu deebiidha
10. Qabeenya uumamaa ilaalchisee sirrii kan hintaane kami?
- A. Bineensonni bosonaa madda turiizimiitiif hin oolan.
 - B. Mukkeen, dhagaafi cirrachi ijaarsa manaaf oolu.
 - C. Qabeenyi uumamaa diinagdee guddisuuf oolu.
 - D. Warqeefi diyaamandiin faayaaf oolu.

11. Manca'insa qabeenya uumamaatiif sababa kan ta'e kami?
 - A. Garmalee fayyadamuu
 - B. Faalama naannoo
 - C. Manca'iinsa bosonaa
 - D. Hunduu deebiidha
12. Manca'iinsa qabeenya uumamaatiin dhiibbaan dhufuu danda'u kami?
 - A. Dabaluu industirii turizimii
 - B. Dabaluu lubbu-qabeeyyii
 - C. Rakkoo fayyaa
 - D. Hir'achuu hoo'a addunyaa
13. Qabeenya uumamaa kunuunsuuf kan ta'uu hin qanbe kami?
 - A. Bosona kunuunsuu
 - B. Irraangadee qotuu
 - C. Biqiltoota dhaabuu
 - D. Daagaa ijaaruu
14. Barsiifata gaariin balfa ittiin dhabamsiifamu kami?
 - A. Balfa bishaanitti gatuu
 - B. Xurii warshaalee keessaa naannootti gadi lakkisuu
 - C. Balfa iddoo qophaa'eefitti gatuu
 - D. Keemikaalota miidhaa geessisan naannootti gadi lakkisuu

BOQONNAA 4

NAANNOO HAWAASUMMAA

4.1. Aadaawwan Garagaraa Naannoo Keenyaa

Gaaffilee hubannoo

1. Aadaan maalidha?
2. Aadaawwan iddoo jireenya keessaniitti beekamoo ta'an tarreessi.

Naannoon Oromiyaa aadaawwan garagaraa qabaachuun beekanti. Isaan kunis kan akka aadaa uffannaa, nyaata, araaraafi kanneen kana fakkaataniin ibsamuu danda'a.

Aadaa Uffanna

Gaaffii hubannoo

Yeroo ayyaanaa uffata akkamiitu uffatama?

Uffannaan hawaasaa haala qilleensa naannoo, muuxannoo yeroo dheeraa keessa argameefi kanneen kana fakkaatan irratti hundaa'a. Ummanni Oromoo aadaa isaa keessatti uffata adii kuulli isaa halluu garagaraatiin faayame uffata. Kunis yeroo baay'ee kabaja ayyaanaafi sagantaalee garagaraa irrattiidha. Fakkeenyaaf, yeroo kabaja ayyaanaa

haala uffannaa ummata Oromoo fakkii armaan gadii irratti ilaali.



Fakkii 4.1 Uffannaa aadaa uummata Oromoo

Aadaa nyaataa

Gaaffii hubannoo

Naannoo keetitti nyaatni aadaa beekamoo ta'an maal fa'i?

Dhala namaatiif fedhii bu'uuraan kan ta'an keessaa tokko nyaata. Nyaanni aadaa hawaasa tokkoo haala aadaa baratameefi muuxannoo jiru irratti hundaa'a.

Gosoota nyaata aadaa Oromoo beekamoo ta'an keessaa muraasni, ancootee, marqaa, cumboo, caccabsaa, cuukko, marmareefi kanneen kana fakkaataniidha.



Fakkii 4.2 Nyaata aadaa Oromoo

Gocha 4.1

Nyaatawwan aadaa naannoo keetitti beekaman keessaa tokko filadhuutii akkaataa itti qophaa'u dareef ibsi.

Aadaa araaraa

Dhalli namaa jireenya isaa keessatti sababa adda addaatiin waldhabuu nidanda'u. Tooftaalee waldhabiinsi itti hiikamu keessaa tokko aadaa araaraati.

Aadaa araaraa ummata Oromoo keessatti hojiin maanguddootaa inni ijoon haqa barbaaduudha. Adeemsa araaraa keessatti hojiin inni duraa namoota waldhaban tokkoon tokkoon isaanii dubbisuun maddaafi ka'umsa rakkoo adda baasuuf yaaluu ta'a.

Erga maddiifi ka'umsi rakkoo adda bahee booda qaama haqa qabuuf dursaa dhugaa qabaachuu isaa ibsu. Itti aansuun haala miidhaa dhaqqabe irratti hundaa'uun araarsu.



Fakkii 4.3 Aadaa araaraa

Akka aadaa oromootti dubartoonni araara buusuu keessatti gahee guddaa qabu. Fakkeenyaaf, yeroo walitti bu'iinsi uumamu dubartoonni siinqee qabatani gidduu yoo galan walitti bu'iinsi sun nidhaabbata. Kunis nageenya buusuu keessatti dubartoonni gaheen qaban olaanaa ta'uu agarsiisa.



Fakkii 4.4 Haadholii Siingee

Adeemsi aadaa araaraa safuufi haqummaa qaba waan ta'eef erga araarri bu'een booda carraan deebi'anii waldhabuun namootaa nixiqqaata jechuudha.

Aadaawwan Qabeenya Uumamaa Eeguufi Kunuunsuuf Fayyadan

Gaaffii hubannoo

Aadaawwan naannoo keetii qabeenya uumamaa kunuunsuuf fayyadan ibsi.

Naannoo keenya keessa qabeenya adda addaatu jira. Qabeenyi kunis faayidaa waan qabuuf kunuunsuun

barbaachisaadha. Hawaasni muuxannoo qabu irraa ka'uun aadaa qabeenya ittiin kunuunsu qaba. Kanneen keessaa muraasni:

- a. Qabeenya jiru amala isaanii hubachuu
- b. Aadaa qabeenya umamaa safeeffachuufi
- c. Aadaa bosona akka dhala ofitti ilaaluu fa'i.

a. Qabeenya jiru amala isaanii hubachuu.

Amala isaanii irratti hundaa'udhaan mukkeen tokko tokko yoo ciraaman deebi'anii kan hinbiqille jiru. Kanaafuu ofeeggannoon itti fayyadamuun barbaachisaadha.

b. Aadaa qabeenya umamaa safeeffachuu

Hawaasa oromoo biratti bosonni iddoo guddaa qaba. Bosona keessatti mukkeen garagaraatu argama. Qabeenya bosonaa safeeffatamu keessaa tokko odaadha. Hawaasa oromoo biratti odaan kabaja guddaa qaba. Oromoon odaa jalatti sirna adda addaa gaggeessa. Akkasumas, namoota waldhaban araarsuuf Odaa jalatti walgahu.



Fakkii 4.5 Odaa

Gama birootiin Oromoon bosona kunuunsuu keessatti safuu qabu hojii irra oolcha. Fakkeenyaaf, mukkeen gurguddoofi dheeraa ta'e hin muru. Sababnis:

- Iddoo jireenya lubbu-qabeeyyii adda addaa waan ta'eefi,
- Namni dadhabe jalatti haara galfata jedhamee waan yaadamuuf,
- Nama wal dhabe araarsuuf iddoo filatamaa waan ta'eef
- Akka kallattiifi mallatootti itti fayyadamuufi kanneen kana fakkaatan fa'i.

c. Aadaa bosona akka dhala ofiitti ilaaluu

Oromoon kabaja mukaaf qabu irraa kan ka'e maqaa ittiin moggaafata. Kunis hangam kabajaa qabeenya umamaaf akka qabu agarsiisa.

Gocha 4.2

Uummanni Oromoo sababaa qabeenya uumamaa kunuunsuuf gareen mari'achuun dareef ibsi.

4.2 Sochiilee Diinagdee Naannoo Keenyaa

Gaaffii hubannoo

Sochiilee diinagdee naannoo keetitti beekaman ibsi.

Sochii diinagdee jechuun kan namoonni hojii adda addaa raawwachuufi tajaajila kennuu irratti bobba'anii oomishaafi galii argachuun jireenya keessatti fedhii isaanii ittiin

guuttataniidha.

Sochiin diinagdee hojii oomisha omishuu, warsheessuu, kenna tajaajilaafi itti fayyadamuu ofkeessatti haammata.

Naannoo keenya keessatti sochiiwwan diinagdee gurguddoofi beekamoo ta'an; qonna, warshaa, daldala, geejjiba, tuuriizimiifi kanneen kana fakkaatan fa'i.

Qonna

Hojiin qonnaa midhaan oomishuufi beelladoota horsisuu fa'a ofkeessatti hammata. Irra caalaan ummata naannoo keenyaa sochii diinagdee kana irratti bobba'ee argama.

Qonni akaakuu lammatti qoodama. Isaanisi, qonna aadaafi qonna hammayyaa jedhamuun beekama.

Qonna aadaa

Gaaffii hubannoo

Qonni aadaa maali?

Qonna aadaa fayyadamuun oomishtummaa irraatti dhiibbaa akkamii fida?

Qonni aadaa ogummaa jireenya keessatti hojiin isaa mala aadaatiin kan gaggeeffamudha. Qonna aadaa kana keessatti hojiin raawwatamu meeshaaleefi tooftaalee aadaawaa ta'aniin waan ta'eef oomishtummaa irratti dhiibbaa qabaachuu danda'a.



Fakkii 4.6 Qonna mala aadaa

Hojiin qonna aadaa horsiisa beelladootaas ofkeessatti hammata. Naannoon Oromiyaa horsiisa beelladootaa gosa adda addaa qabdi. Haata'u malee haala aadaatiin waan horsifamuuf qulqullinni oomisha kana irraa argamu gadi aanaadha. Kanaafis sababa ta'uu kan danda'an:

- Beekumsa gahaa malee horsisuu.
- Nyaata gahaa ta'e dhabuu.
- Sanyii filatamaa fayyadamuu dhabuu.
- Kunuunsa gahaa ta'e gochuufi dhabuu fa'i.

Qonna ammayyaa

Gaaffii hubannoo

Qonna ammayyaa naannoo kee keessatti beektu ibsi.

Qonni ammayyaa beekumsaafi hubannoo irratti hundaa'uun teekinooloojii ammayyaa fayyadamuun hojii qonnaa gaggeeffamuudha.

Akkuma qonna aadaa qonni ammayyaatis midhaan oomishuu, horii horsiisuufi qonna walmakaa gaggeessuu haammata.

Midhaan oomishuu

Gaaffii hubannoo

Naannoo Oromiyaa keessatti gosoota midhaan oomishamanii kan beektu tarreessi.

Naannoo keenya keessatti midhaan haala ammayyaatiin oomishamuu nidanda'a. Adeemsa akkanaa keessattii sanyii filatamaa, xaa'oo, qoricha farra aramaafi ilbiisotaa qopheessanii itti fayyadamuu barbaada. Haala kanaan yoo hojjatame nyaataan ofdanda'uu bira darbee oomisha irraa argachuun guddina diinagdee biyyaa fiduu danda'a.



Taraaktara



Koombaayinara

Fakkii 4.7 Qonna ammayyaa

Beelladoota Horsiisuu

Gaaffii hubannoo

Naannoo kee keessatti gosoota beelladoota horsifamuu danda'an ibsi.

Gosoota qonna ammayyaa keessaa inni biroo beelladoota horsiisuudha.

Beelladoonni naannoo keenyatti horsifamuu danda'an kanneen akka beelladoota foonii, aannanii yookiin gabaaf oolan ta'uu danda'u.



Fakkii 4.8 Loon aannanii



Fakkii 4.9 Horii foonii

Qonna walmakaa

Gaaffii hubannoo

Qonni walmakaan maali?

Hojiiwwan qonna ammayyaa keessaa inni biroo qonna walmakaa gaggeesuudha. Adeemsa akkanaa keessatti midhaan oomishuufi beelladoota horsisuun walfaana gaggeeffama.

Garuu, amalli isaanii garaagarummaa qaba. Fakkeenyaaf beelladoota horsiisuun naannoolee lafa dakee qilleensa baramaa hoo'aafi gogaa ta'e barbaada.

Midhaan oomishuun garuu gosa midhaan oomishamuu irratti hundaa'a waan ta'eef qilleensa adda addaa barbaada. Haata'u malee, lamaan isaanii walfaana hojjachuun bu'aa qaba.

Fakkeenyaaf, bu'aan oomisha qonnaa irraa argamu horiif akka soorataatti tajaajila. Dikeen horii irraa argamu akka xaa'ootti lafa misoomsa. Lafti misoome deebi'ee oomisha gaarii kenna.



Fakkii 4.10 Qonna walmakaa

Warshaalee

Gaaffii hubannoo

Gosoota warshaalee naannoo keetitti beektu tarreessi.

Meeshaalee dheedhii gara sadarkaa birootti jijjiiruun faayidaa namaatiif akka oolu kan taasisu warshaa jedhama. Fakkeenyaaf, sanyiin midhaanii kan akka Talbaa warshaa keessa galuun zayitiin irraa oomishama. Jirbii irraa huccuun ni oomishama. Shankoorri warshaa keessa galee shukkaarri irraa oomishama. Albuudonnis warshaa keessa galuun oomisha gosa garaagaraa ta'uu danda'u.

Warshaaleen iddoo lamatti qoodamu danda'u. Isaanis: warshaalee aadaa fi ammayyaati.

Warshaalee aadaa

Gaaffii hubannoo

Naannoo Oromiyaa keessatti warshaalee aadaa beektu ibsi.

Warshaaleen aadaa ogummaa adeemsa jireenyaa keessaa argame irratti hundaa'un hojiiwwan hojjetamaniidha.

Hawaasni muuxannoo qabu irraa ka'uun kan akka hojii suphee, uffata dhahuufi hodhuu, hojii sibiilaafi kanneen kana fakkaatan nihojjatu.



Fakkii 4.11 Ogummaa hodhaa meeshalee mana keessaa

Bara durii irraa kaasee namoonni suuphee dhahuun dhimma adda addaatiif fayyadamaa akka turan ragaaleen ni ibsu.

Haata'u malee, hawaasni meeshaa kana itti fayyadamaa osoo jiru ogummichaaf kabaja kennuu dhabuun irraa kan ka'e ogummichi hanga barbaadamu guddachuu hindandeenye.




Fakkii 4.12 Ogummaa suphee dhahuu

Hojiin sibiilaa jireenya dhala namaa fooyyeessuu keessatti gahee guddaa qaba. Haata'u malee, akka naannoo keenyaatti hawaasni ogummaa kanaaf beekamitiifi xiyyeeffannoo kennuu dhabuu irraa kan ka'e hanga barbaadamu guddachuu hin dandeenye.



Fakkii 4.13 Ogummaa hojii sibiilaa

Bara durii kaasee namoonni huccuu dhahuun uffannaa adda adda hojjachuun hawaasaaf tajaajila kennaa turaniiru. Haata'u malee, hawaasni ogummichaaf kaabaja barbaadamu kennaa hinturre. Rakkoo kana irraa kan ka'e ogummichi sadarkaa barbaadamuun guddachuu hindandeenye.



Fakkii 4.14 Ogumma huccuu dhahuu

Warshaalee Ammayyaa

Gaaffii hubannoo

Warshaalee ammayyaa Oromiyaa keessa jiran tarreesi.

Warshaaleen ammayyaa dhaabbata teeknooloojii fayyadamuun adeemsa meeshaa dheedhii faayidaaf akka ta'utti jijjiiruti. Yeroo ammaatti warshaaleen ammayyaa naannoo keenya keessatti babaldhachaa jiru.

Warshaaleen ammayyaa warshaalee sasalphaafi gurguddaa jedhamuun iddoo lamatti qoodamuu danda'u. Isaanis; warshaalee hammayyaa xixiqqaafi gurguddaadha.

Warshaalee ammayyaa xixiqqaa

Warshaaleen sasalphaan kanneen meeshaalee dheedhii, anniisaafi iddoo xiqqaa fayyadamanidha. Fakkeenyaaf, naannoo Oromiyaa keessatti warshaalee xixiqqaa jiran keessaa muraasni kanneen armaan gadi ta'uu danda'u.

- Warshaa kophee
- Warshaa huccuu
- Warshaa zayita nyaataa,
- Warshaa sukkaaraa,
- Warshaa daakuufi kanneen kana fakkaatan fa'i.

Warshaalee gurguddaa

Warshaalee gurguddaan meeshaalee gurguddaa kanneen akka maashinootaa kan oomishaniifi adeemsa baay'ee walxaxaa

kan qabanidha. Sababa kana irraa kan ka'e warshaalee gurguddoon qarshii guddaa, iddoo bal'aafi hojjetoota baay'ee barbaadu.

Warshaaleen kuni maashinoota sasalphaa irraa kaasee hanga maashinoota gurguddaa oomishuu kan danda'an hunda dabalata.

Fakkeenyaaf, warshaalee qaama maashinootaafi konkolaataa oomishu, warshaalee qorqoorroo, sibiila ijaarsaafi kanneen kana fakkatan. Warshaalee Oromiyaa keessatti argaman keessaa kan akka warshaa simintoo Mugar, Darbaa, Incinnii akaakuu warshaalee gurguddoo naannoo keenyaa keessaa fakkeenya ta'uu nidanda'u.



Fakkii 4.15 Warshaa simintoo

Daldala

Gaaffii hubannoo

Daldalli maali?

Faayidaa daldalaa ibsi.

Sochiilee diinagdee keessatti hojiin bittaaafi gurgurtaa akka waliigalaatti daldala jedhama.

Kaayyoon daldalaa inni duraa meeshaa bituu, gurguruu fi tajaajila kennuudha.

Gocha 4.3

1. Sochiilee diinagdee naannoo keenyaa ibsi.
2. Akaakuu qonnaa tarreessi.
3. Faayidaa qonna walmakaa himi.
4. Hiikkaa warshaalee kenni.
5. Gosoota warshaalee naannoo keenyaa tarreessi.

4.3 Sochiilee Diinagdee Qabeenya Uumamaa Naannoo Keenyaa irratti Dhiibbaa Geessisan

Gaaffii hubannoo

Sochiin diinagdee haala kamiin naannoo midhuu danda'a?

Sochiilee diinagdee naannoo irratti miidhaa gahuu danda'an keessaa inni ijoon babal'ina warshaaleeti.

Warshaaleen yeroo oomisha oomishan balfawwan adda adda naannoo keessattii gadilakkisu. Balfawwan kunniin bishaaniifi qilleensa naannoo faalu.

Akkasumas, aarri warshaaleefi konkolaataa keessaa bahu qilleensa naannoo faaluun lubbu-qabeeyyii irratti dhiibbaa geessisa.



Fakkii 4.16 Aara warshaa keessaa bahu

4.4 Qabeenya Uumamaa Naannoo Keenyaa Gabaaf Oolan

Gaaffii hubannoo

Qabeenya uumamaa naannoo keetitti gabaaf oolan tarreessi.

Haalli qilleensa naannoo keenyaa oomisha gosa sanyii adda adda oomishuuf mijataadha. Fakkeenyaaf, bunnii fi gosoonni midhaan dheedhii akka biyyaatti beekamoo ta'an bal'inaan Oromiyaa keessatti oomishamuun gabaaf dhiyaatu.

Akkasumas, kanneen akka albuudotaa, bu'aawwan bosonaa, bu'aawwan beelladootaafi kanneen kana fakkaatan naannoo keenya keessaa gabaaf kanneen oolaniidha.

Gocha 4.4

Oomishaafi qabeenya uumamaa godinaaleen Oromiyaa irra caalaatti gabaaf dhiheessan tarreessi.

4.5 Daldala Qabeenya Uumamaa Seeraa Qabeessaafi Seeraan Alaa

Daldala Qabeenya Uumamaa Seera Qabeessaafi Bu'aa isaa

Gaaffii hubannoo

Daldalli seera qabeessaa kan akkamiiti?

Daldalli gosa sochiilee diinagdee keessaa tokko waan ta'eef hojiin isaa seera qabeessa ta'u qaba. Hojiin daldalaa eeyyamaafi haala sirrii ta'een kan gaggeeffamu yoo ta'e daldala seera qabeessa jedhama. Bu'aan adeemsa daldala kanaas guddina diinagdee biyyaa keessatti shoora olaana qaba. Fakkeenyaaf; galii naannoo guddisuu, al-seerummaa hir'isuu, tasgabbiin gabaa akka jiraatu taasisuu fi kanneen kana fakkaataniidha.

Daldala Qabeenya Uumamaa Seeraan alaa fi miidhaa isaa

Daldalli eeyyama malee yookiin dhoksaan kan gaggeeffamu yoo ta'e daldala seeraan alaa jedhama.


Hojiin daldalaa tokko seeraan alaa kan gaggeeffamu yoo ta'e miidhaa guddaa qaba. Kunis gama diinagdee yookiin miidhaa qabeenya uumamaa irra gahu ta'uu nidanda'a. Daldalli seeraan alaa kan gaggeeffamu yoo ta'e rakkoolee hedduu qaba.

Kanneen keessa muraasni:

- galii naannoo hir'isa,

- tasgabbiin gabaa akka hin jiraanne taasisa,
- al-seerummaa babal'isa,
- daldaltoota seeraan hojjatan irratti dhiibbaa fida,
- bu'uuraalee misoomaa babal'isuu irratti gufuu ta'a,
- hambaaleen uumamaa naannoo keenya hannaaf akka saaxilamu taasisa,
- bineensonni bosonaa adamoo seeraan alaatiif saaxilamu.

Namoonni sababa adda addaatiif adamoo seeraan alaa gaggeessuu danda'u. Kanneen keessaa muraasni nyaataaf, bu'aawwan isaan irraa argaman kanneen akkaa gogaa, ilkaan, gaanfaafi kanneen kana fakkaataniif ta'uu danda'a.



Fakkii 4.17 Adamoo seeraan alaa

Gocha 4.5

1. Hiika daldala seeraan alaa kenni.
2. Miidhaa daldalli seeraan alaa diinagdee irratti qabu ibsi.
3. Miidhaa daldalli seeraan alaa qabeenya uumamaa irratti qabu himi.
4. Daldalli seeraan alaa yoo babal'ate maaltu uumamuu danda'a?

4.6 Gosoota Geejjibaa Naannoo Keenyaa Namaafi Meeshaa Geejjibuuf Fayyadan

Gaaffii hubannoo

Gosoota geejjibaa beektu tarreesi.

Namootaafi meeshaalee iddoo tokkoo gara biroo sochoosuu yookiin deddeebisuun geejjiba jedhama. Geejjibni amala isaatiin sochii qaba waan ta'eef naannoo tokko gofa irratti hin daangeffamu.

Gosoonni geejjibaa kan aadaafi ammaayyaa jedhamuun beekkamu.

Geejjiba aadaa

Gaaffii hubannoo

Geejjiba aadaa naannoo Oromiyaa keessa jiran tarreesi.

Geejjibni aadaa kanneen akka farda, harree, gaangeefi gaala fa'i.

Geejjibni aadaa cimina mataa isaanii qabu. Isaanis:

- bu'uraalee misoomaa hinbarbaadan,
- baasii xiqqaa barbaadu,
- baadiyaa keessatti tajaajila guddaa kennu,
- qilleensa naannoo hinfaalan.

Haata'u malee, geejjibni aadaa hanqinas niqaba. Isaanis:

- akka geejjiba ammayyaa saffisa guddaa hinqaban,
- meeshaalee hedduu baachuu hindanda'an,
- magaaloota keessatti filatmoo miti.

Geejjiba ammayyaa

Gaaffilee hubannoo

1. Geejjibni ammayyaa maali?
2. Faayidaa geejjiba ammayyaa ibsi.

Geejjibni ammayyaa meeshaalee hedduminaafi ulfaatina guddaa qaban saffisaan kan geejjibaniidha. Geejjibni ammayyaa akaakuu garagaraatu jiru. Isaanis:

- geejjiba dachee irraa, geejjiba bishaan irraa, geejjiba qilleensa keessa fa'i.

Geejjiboota dachee irraa

Gaaffii hubannoo

Gosoota geejjibaa dachee irra socha'an keessaa kan beektu tarreesi.

Geejjiboonna dachee irra socha'an meeshaaleefi namoota geejjibsiisuuf bu'uura misoomaa isaan barbaachisa.

Kanneen keessaa muraasni saayikilii motora, konkolaataa, baaburaafi kanneen kana fakkataniidha.

Geejjiboota bishaan irraa

Gaaffilee hubannoo

Geejjiboota bishaan irra socho'an tarreesi.

Geejjiboota bishaan irra socho'an kan Oromiyaa keessa jiran ibsi.

Geejjiboonna bishaan irra socho'an yeroo baay'ee bishaan akka garboota, galaanotaafi harawwan jiran irratti tajaajila kennu.

Naannoo Oromiyaa keessatti dooniwwan gurguddoon hinjiran. Haata'u malee, bidiruu xixiqqoon hojii geejjibaafi bashannanaatiif tajaajila kennan nijiru.

Fakkeenyaaf hara Dambaliiifi Laangaanoo irratti bidiruuwwan tajaajila kennan nijiru.

Geejjiboota Qilleensa Keesaa

Gaaffilee hubannoo

Geejjiboota qilleensa keessaa tarreessi.

Geejjibni qilleensa keessaa geejiba hammayyaa ta'ee kan saffisa olaanaa qabuufi qilleensa keessa kan balali'uudha. Isaan keessaa kanneen akka xiyyaara, helikopterii, Jeettiifi kanneen kana fakkaataniidha.

Gocha 4.6

1. Gosoota geejjibaa aadaa naannoo keenyaa tarreessi.
2. Geejjiba ammayyaa dachee irra socho'an himi.

4.7 Hambaalee Naannoo Keenyaa

Gaaffilee hubannoo

1. Hambaaleen maali? Faayidaaleen isaanii hoo?
2. Hambaalee naannoo Oromiyaa keessa jiran tarreessi.

Hambaalee naannoo Oromiyaa keessatti argaman tarreessi.

Hambaaleen kalaqa sammuu dhaloota durii yookiin qabeenya uumamaa ta'ee dhalootaa gara dhalootaatti kan darbuudha. Hambaaleen haala aadaa hawaasa durii agarsiisu.

Hambaawwan qarooma sammuu, kalaqa hawaasaa, hojii dhaloonni durii hojjatanii dhaloonni ammaa irraa barachuu qabu agarsiisa.

Hambaaleen kan uumamaa yookiin kan nam-tolchee ta'uu danda'u. Hambaalee uumamaa naannoo keenyaa keessaa

muraasni kan akka holqa sofumar, paarkii gaarren baaleefi Arsii, bosona cillimoofi kanneen kana fakkaataniidha.



Fakkii 4.19 Paarkii Diinshoo

Hambaaleen seenaa nam-tolcheen naannoo keenya keessatti argaman masaraa Abbaa Jifaar, masaraa Kumsaa Morodaafi kanneen kana fakkaataniidha.



Fakki 4.20 Masaraa Abbaa Jifaar

Gama birootiin sirni gadaafi ayyaanni irreechaa hambaalee seenaa hafuurawaa jedhamuun beekamu.



Fakkii 4.21 Irreechaafi Sirna gadaa

Hambaaleen naannoo keenyaa kunuunsuufi odeeffannoo isaanii qindeessuun qaama barbaachisuuf beeksisuun barbaachisaadha. Gama birootiin induustirii fi turizimii akka oolu gochuun galii irraa argachaa naannoo ofii beeksisuuf garagaara.

Gocha 4.7

1. Hambaalee uumamaa naannoo keenyaa ibsi.
2. Hambaalee nam-tolchee naannoo keenyaa tarreessi.
3. Faayidaa hambaalee ibsi.

Gilgala boqonnaa 4

A. Himoonna armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" sirrii yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Oromiyaa keessatti geejjiboota aadaafi ammayyaatu argamu.
2. Qabeenyi naannoo keenya keessa jiru hundi haaroomsamuu nidanda'u.
3. Warshaaleen aadaa kan ammayyaa caalaa baasii guddaa barbaadu.
4. Daldalli sochiilee diinagdee keessatti hojii bittaafi gurgurtaati.

B. Deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Isa kamtu hanqina warshaa aadaa ibsuu danda'a?
 - A. Qulqullina dhabuu oomishaa
 - B. Teeknooloojii fayyadamuu
 - C. Baasii guddaa gaafachuu
 - D. Iddoo bal'aa barbaaduu
2. Faayidaa Hambaalee kan ta'e kami?
 - A. galii argachuu
 - B. irraa barachuu
 - C. naannoo beeksisuu
 - D. hunduu deebiidha

3. Sababni qabeenya kunuunsinuuf maali?
 - A. Hariiroo dhala namaa waliin waan qabaniif
 - B. Faayidaa irraa argachuuf
 - C. Haaroomsuuf
 - D. Hunduu deebiidha
4. Sochii diinagdee tajaajila kennuu kan ta'e kami?
 - A. Albuuda baasuu
 - B. Lafa qotuu
 - C. Daldala
 - D. Hunduu deebiidha
5. Kanneen armaan gadii keessaa tokko akaakuu qonnaa miti?
 - A. Horii horsiisuu
 - B. Albuuda baasuu
 - C. Lafa qotuu
 - D. Qonna walmakaa
6. Hanqina qonna aadaa kan ta'e kami?
 - A. Sanyii filatamaa dhabuu
 - B. Teeknoolojii malee hojjachuu
 - C. Xaa'oo gahaa faayadamuu dhaabuu
 - D. Hunduu deebiidha

7. Sababni gatiin meeshaa warshaa kan qonnaa caaluuf maalidha?
- A. Sababa humna namaa baay'ee fayyadamuuf
 - B. Sababa geejjiba garagaraa fayyadamuuf
 - C. Sababa baasii warsheessuu
 - D. Hunduu deebiidha
8. Naannoo irra socha'uun qilleensa kan faalu isa kami?
- A. Konkolaataa
 - B. Warshaa
 - C. Bosona gubatu
 - D. Nama
9. Aadaa oromoo keessatti sababni mukni guddaan hin muramneef maalidha?
- A. Iddoo araaraa waan ta'uuf
 - B. Mallattoo ta'uu waan danda'uuf
 - C. Jalatti haaragalfatu waan ta'eef
 - D. Hunduu deebiidha.
10. Fakkeenya warshaa guddaa kan ta'e kami?
- A. warshaa sukkaaraa
 - B. warshaa qorqoorroo
 - C. warshaa zayitaa
 - D. warshaa daakuu

BOQONNAA 5

DHIMMOOTA XIYYEEFFANNOO ADDAA BARBAADAN

5.1 HIV/AIDS

Gaaffii hubannoo

Waa` ee dhukkuba HIV/AIDS maal beektu?

Vaayirasiin HIV sirna madiinummaa(dandeetti dhukkuba ofirraa ittisu) qaama namaa irratti dhiibbaa kan geessisuudha. Kunis dandeettiin dhukkuba ofirraa ittisuu qaamaa akka hir'atu taasisa.

Namoonni vaayirasii kanaan faalaman dandeettiin dhukkuboota biroo ofirraa ittisuu isaanii baay'ee xiqqaa ta'a. Dhukkuboota biroofis salphaatti saaxilamuu danda'u.


Dhukkubni sababa vaayirasii HIVtiin faalamuun dhufu dhukkuba AIDS jedhama. Namoonni dhukkuba AIDS'n qabaman fayyuu hindanda'an. Dhukkuba kanaaf dawaan hin argamne.

Facaatii HIV/AIDS

Akka qorannoon bara 2009 A.L.I biyya keenya keessatti gaggeeffame agarsiisutti, namoonni gara 613,000 ta'uu danda'an vaayirasii HIV'n qabamaniiru. Kanneen keessaa

harki irra caaluu (62%) dubartoota.

Baay'inni namootaa vaayirasii HIV'n qabaman naannoo irraa gara naannootti garaagarummaa qabu. Namoota vaayirasii HIV'n qabaman armaan olii keessaa, harki sadi afraffaa kan ta'uu danda'an (75%) naannoo Amaaraa, Oromiyaafi magaalaa Finfinnee keessatti argamu. Giraafii 5.1 armaan gadii faca'iinsa namoota vaayirasii HIV'n qabaman agarsiisa.



Giraafii 5.1: Facaatii HIV/AIDS Itoophiyaa Keessatti

Gocha 5.1

Giraafii 5.1 armaan olii fayyadamuun facaatii HIV/AIDS naannolee sadarkaa olaanaa irratti argamaniifi sadarkaa gadi aanaa irratti argaman walbira qabuun ibsi.

Dhiibbaa HIV/AIDS'n Geessisuu Danda'u

Gaaffii hubannoo

Dhiibbaa HIV/AIDS'n namoota dhuunfaa, hawaasaafi biyya irratti qabu maali?

HIV/AIDS'n irra caalaatti namoota umuriin isaanii misooma irra jiran miidha. Akkasumas, du'a daa'immaniifi ijoollee hedduuf sababa ta'a.

HIV/AIDS'n dhiibbaa hedduu namootarraan geessisuu danda'a. Isaanis:

- du'aatii namoota hedduuf sababa ta'a.
- diinagdee namootaafi biyyaa irratti dhiibbaa fida.
- daa'immaniifi ijoolleen hedduu abbaafi haadha isaanii akka dhaban taasisa.
- abbaan warraa haadha warraa akka dhabu taasisa.
- haati warraa abbaa warraa akka dhabdu taasisa.

5.2 Wantoota Miidhaafi Balaa Tasaa Geessisan

Gaaffilee hubannoo

1. Naannoo keessanitti wantoota miidhaafi balaa tasaa geessisan tarreessi?
2. Keemikaalonni mana jireenyaafi naannoo mana barumsaa keetti argaman maal fa'i?
3. Keemikaalonni kunniin faayidaan isaanii maali? Miidhaan isaan geessisuu danda'an maali?

Wantoonni dhala namaa irratti miidhaafi balaa tasaa geessisan keessaa kanneen akka keemikaalota, ibidda, lolaafi kanaan kana fakkaataniidha. Kanneen keessaa keemikaala yoo ilaallu, dhalli namaa qulqullinaafi fayyaa isaa eeguuf keemikaalota adda addaatti fayyadama. Akkasumas, keemikaalonni fayyaa bineeldotaafi biqiltootaa eeguufis nigargaara. Keemikaalota kanniin keessaa summaawoo kan ta'anis ni jiru. Keemikaalonni summaawoon miidhaa geessisuu danda'an kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

- farra aramaa
- farra ilbiisotaa
- keemikaalota qulqullinaa kan akka deetoolii
- qulqulleessituu fuullee
- qoricha yeroon isaa irra darbeefi kanneen kana fakkatanidha.



Farra ilbiisotaa

Saanitaayizara

Barakiinaa

Dittoolii

Fakkii 5.1 Keemikaalota mana keessatti argamuu danda'an

Keemikaalonni kanneen akka farra aramaafi farra ilbiisotaa bineeldota irratti miidhaa geessisuu danda'u. Kanaafuu, keemikaalota kanneen ofeeggannoon fayyadamuufi iddoo

daa'imman hingenye kaa'uun barbaachisadha.

5.3. Qorichoota Seeraan alaa fayyadamuu

Gaaffilee hubannoo

1. Qorichoota seeraan alaa naannoo keetitti namoonni fayyadaman maal fa'i? Miidhaan isaan geessisuu danda'an hoo?
2. Qorichoota seeraan alaa namoonni akka hin fayyadamne maaltu taasifamuu qaba?

Qorichoota seeraan alaa fayyadamuun qaamolee namootaa irratti miidhaa geessisa. Kuni immoo qaamoleen namaa sirnaan dalagaa isaanii akka hingaggeessine taasisa.

Qorichoonni seeraan alaa kanneen akka kookeenii, heerooyinii, alkoolii, tamboo, dawaa ajaja ogeessa yaalaa malee fudhachuu, dawaa yeroon irra darbe fayyadamuufi kanneen kana fakkaataniidha.



Fakkii 5.2 Karaalee qorichoonni seeraan alaa ittiin fudhataman

Rakkoolee qorichoota seeraan alaa fudhachuun fiduu danda'u keessaa muraasni:

- qaamolee kanneen akka sammuu, onnee, tiruu, kalee, ijaafi kanneen kana fakkaatan irratti miidhaa geessisuu,
- fedhii nyaataa dhabamsiisuu,
- ulfaatina qaamaa saffisaan hir'isuu,
- dhiphina fiduu,
- rakkoo diinagdee fiduufi kanneen kana fakkaataniidha.

Rakkoolee dhufuu danda'an kanneen irraa of-eeguuf qorichootaseeraan alaa fayyadamuu dhiisuun namoonni biroos akka hin fayyadamne hubannoo kennuun barbaachisaadha.

5.4. Hongeefi Beela

Hiikkaa Hongeefi Beelaa

Gaaffii hubannoo

Hongeen maali?

Hongeen balaa uumamaan dhufuudha. Gogiinsi yeroo dheeraadhaaf hanqina yookiin dhabamuu roobaatiin kan uumamuudha. Hongeen yommuu uumamu hanqinni bishaaniifi nyaataa nimudata. Kuni immoo rakkoolee diinagdeefi hawaasummaa kanneen akka beelaafi godaansa dirqamaa fida.

Gaaffii hubannoo

Beelli maali?

Beelli hanqina nyaataa sababa balaawwan uumamaa kanneen akka hongeeffi lolaa akkasumas gocha namaatiin mudatuudha. Jijjiirramni qilleensa baramaa argamuu yookiin dhabamuu nyaataatiif gahee olaanaa qaba.

Sababootaafi Dhiibbaa Gogiinsaa**Gaaffii hubannoo**

Akka naannoo keessaniitti hongeeff sababoota kanneen ta'uu danda'an maal fa'i?

Hongeen sababoota adda addaatiin uumamuu danda'a.

Isaanis:

- manca'uu bosonaa,
- hoo'ina addunyaa,
- hanqina jiidhinsa qilleensa keessaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Gaaffii hubannoo

Dhiibbaan gogiinsaan dhufuu danda'u maali?

Dhiibbaa gogiinsi naannoo irratti geessisu keessaa muraasni:

- guddina biqiltootaa hir'isa,
- dhumaatii bineeldotaa fida,
- hir'ina nyaataafi dhibee biroo fida,
- beelliifi godaansi akka uumamu taasisa,
- balaa ibidda bosonaafi kanneen kana fakkaatan fida.



Guddinni midhaanii hir'achuu



Dhumaatii Bineeldotaa



Beela



Hir'ina nyaataafi dhibee biroo



Godaansa



Balaa ibidda bosonaa

Fakkii 5.3 Dhiibba gogiinsaan dhufu

Iddoowwan hongeen itti muudatu

Gaaffii hubannoo

Akka Oromiyaatti iddoo gogiinsi itti mudachuu danda'u ibsi.

Akka Oromiyaatti gogiinsi baay'inaan lafa gammoojjiitti uumamuu danda'a. Kunis hammi roobaa baay'ee xiqqaa yookiin kan hinjirre waan ta'eefidha.

Tooftaalee Hongee Dandamachuuf Gargaaran.

Gaaffii hubannoo

Tooftaalee hongee dandamachuuf gargaaran tarreessi.

Hongeen ta'ii uumamaa waan ta'eef yeroon inni itti uumamu hin beekamu. Kanaafuu, yeroo hundaa gogiinsi uumamuu

waan danda'uuf tooftaa ittiin ittisuun dandamu beekuun barbaachisaadha. Tooftaaleen kunniinis:

- bishaan qusachuun gargaaramuu,
- bishaan bokkaa kuusuu,
- biqiltoota baay'inaan dhaabuu,
- jallisiitti gargaaramuufi kanneen kana fakkaataniidha.

Gocha 5.2

Ogeessa naannoo keessanitti argamu gaafachuun gaaffiilee armaan gadiitiif deebii isiniif kennan barreessuun daree keessatti hiriyoota keessaniif ibsaa.

1. Balaan hongeen geessisu maali?
2. Hongeen akka hin uumaamne karaaleen ittiin ittifamu maal fa'i?
3. Ta'iiwwan uumamaa gogiinsa wajjiin wal-qabatan maal fa'i?

Gilgaala Boqonnaa 5

A. Himoonni armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" sirrii yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Vaayirasiin HIV sirna madiinummaa namoota irratti dhiibbaa geessisuudha.
2. HIVn qabamnaan dandeettiin dhukkuba ofirraa ittisuu qaamaa nidabala.
3. Namoonni dhukkuba AIDS'n qabaman fayyuu hin danda'an.
4. Farri aramaafi farri ilbiisotaa bineeldota irratti malee nama irratti miidhaa hingeessisan.
5. Hongeen yommuu uumamu hanqinni bishaanii nimudata.
6. Beelli sababa hongeen uumameen dhufuu danda'a.
7. Akka Oromiyaatti hongeen baay'inaan lafa baddadareetti uumamuu danda'a.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Dhukkubni sababa vaayirasii HIVn faalamuun dhufu _____ jedhama.
 - A. dhukkuba AIDS
 - B. dhukkuba HIV
 - C. madiinummaa
 - D. hunduu deebiidha

2. Akka qorannoon bara 2009 agarsiisutti biyya keenya keessatti namoonni HIVn qabaman irra caalaan eenyu?
 - A. Dhiira
 - B. Ijoolee
 - C. Dubartoota
 - D. Maanguddoota
3. Akka qorannoon bara 2009 A.L.I agarsiisutti namootni vaayirasii HIVn qabaman irra caalaa naannoo kam keessaatti baay'ata?
 - A. Amaaraa
 - B. Oromiyaa
 - C. Tigiraay
 - D. Affaar
4. Dhiibbaan HIV/AIDSn namootarraan geessisuu kami?
 - A. Diinagdee namootaafi biyyaa irratti dhiibbaa fida.
 - B. Ijoolleen abbaafi haadha akka dhaban taasisa.
 - C. Du'aatii namootaatiif sababa ta'a.
 - D. Hunduu deebiidha.
5. Keemikaalli summaawoon miidhaa geessisuu danda'u kami?
 - A. farra aramaa
 - B. farra ilbiisotaa
 - C. deetoolii
 - D. Huduu deebiidha

6. Qorichoota seeraan alaa fudhachuun dhiibbaan dhufuu hin dandeenye kami?
- A. Dhiphina fiduu
 - B. Fedhii nyaataa dabaluu
 - C. Rakkoo diinagdee fiduu
 - D. Ulfaatina qaamaa saffisaan hir'isuu
7. Ta'iiwwan uumamaa armaan gadii keessaa isa kamtu uumamuu kanneen hafaniif sababa ta'uu danda'a?
- A. Beela
 - B. Hongee
 - C. Dhibee
 - D. Godaansa
8. Beelli akka muudatu sababa kan hintaane kami?
- A. Hongee
 - B. Lolaa
 - C. Bosona kunuunsuu
 - D. Hoo'ina addunyaa

9. Kanneen armaan gadii keessaa sababa gogiinsaatiin uumamuu kan hindandeenye kami?
- A. Guddina biqiltootaa fiduu
 - B. Balaa ibidda bosonaa fiduu
 - C. Dhumaatii bineeldotaa fiduu
 - D. Hir'ina nyaataafi dhibee biroo fiduu
10. Tooftaan gogiinsa dandamachuuf hin gargaarre kami?
- A. Bishaan bokkaa kuusuu
 - B. Jallisiitti gargaaramuu
 - C. Biqiltoota baay'inaan dhaabuu
 - D. Bishaan baay'inaan gargaaramuu



Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022

SAAYINSII NAANNOO

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 4

Gatii _____